# XIINXALA WALSIMANNAA KENNIINSA MADAALLIIFI QABIYYEE BARNOOTA AFAAN OROMOO: XIYYEEFFANNOO MANA BARNOOTAA SADARKAA LAMMAFFAAFI QOPHAA'INAA KUTAA 9-12.

**ABBIREE OLAANII WAAQOO**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU ITTIIN BARSIISUU GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNIVARSIITII JIMMAATTi, KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMUMMAA, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

**FULBAANA ,2O21**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

YUUNIVARSIITII JIMMAA

KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMANIITIITTI
MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

# XIINXALA WALSIMANNAA KENNIINSA MADAALLIIFI QABIYYEE BARNOOTA AFAAN OROMOO XIYYEEFFANNOO MANA BARNOOTAA SADARKAA LAMMAFFAAFI QOPHAA'INAA KUTAA 9-12.

QORATAAN: ABBIREE OLAANII WAAQOO

GORSAAN: CIMDII WAAQUMAA

GARGAARAA GORSAA: MAHAADII USEEN

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA)
BARNOOTA AFAAN OROMOON GUUTTACHUUF QOPHAA'E

FULBAANA , 2021

Jimma, Itoophiyaa

## Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee Waraqaa qorannoo ulaagaa Digirii lammaaffaa (MA) Guuttachuuf Mataduree: **“**xiinxala kenniins walsimannaa madaallii fi qabiyyee barnootaa afaan oromoo: xiyyeeffannoo mana Barnootaa Sadarkaa Lmammaffaafi Qophaa’ina Giddaa Ayyaanaa kutaa 9-12” jedhu irratti Abbiree Olaaniitiin qophaa’ee sadarkaa qorannoo Yuunivarsiitii jimmaa kan guute ta’uu ni mirkaanessina.

Maqaa ________________________________mallattoo__________ guyyaa________

**Koree Qormaataa**

Qoraa keessaa:____________________________Mallattoo___________Guyyaa__________

Qoraa alaa:____________________________Mallattoo___________Guyyaa____________

Gorsaa: Cimdii Waaqumaa (Ph. D) Mallattoo_________________Guyyaa____________

Gargaaraa Gorsaa: Mahaadii Huseen (MA) Mallattoo___________ Guyyaa_____________

____________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa barnootaa Digirii Lammaaffaa (MA)

# Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hindhihaatiin ta'uusaa; akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabilee keessattis nan mirkaneessa.

Maqaa: Abbiree Ollanii Waaqoo

Mallttoo : ______________________

Guyyaa 5/01/2014

## Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa kenniinsi madaalli barsiisota mana barumsaa Giddaa Ayyaanaa sadarkaa lammaffaafi Qophaa'inaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 barsiisaniin bara 2011fi 2012 A.L.I. qophaa'ee barattootaaf dhiyaate hangam qabiyyee barnootaa daree sanaaf dhiyaate waliin akka walsimu xiinxaluudha.sababni mata dureen kun filatameefis yeroon koorsii waa'ee madaalliiafaalii jedu fudhachaa turetti yaada ayyotaafi ulaagaa madaallii yeroon ilaalu ;akkasumas haala qabatamaa hojii mana barumsichaa waliin walbira qabee akkan xiinxaluuf waan nakakaaseef mata duree kana filadheera.Galma ga'iinsa qorannichaatiifis, qabiyyeen kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata barreeffamaa barsiisota mana barumsichaan qophaa'an xiinxalameera. Jamaan qorannichaa barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisan lakkoofsaan , mala iddatteessuu akkayyoon barsiisotni dhiiraa ja'a filatamaniiru. Meesha ragaa funaansa qorannichaa kanaaf tooftaa qoratichi sakatta'a dokumentii, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootti dhimma ba'eera. Ragaa meeshaa kanaan walitti qabame, mala qorannoo akkamtaafi ammamtaan (mala makaan) qaacceffamee ibsamee jira. Ragaa kanarraas kenniinsi madaallii akka mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti barsiisotaan bara 2011fi 2012 ALI. qophaa'e kan qabiyyee kitaaba barattootaa waliin walbira qabamee yoo ilaalame fakkeenyaaf barsiisoni irra caalaa kan seerluga madaalan yoo ta'u kitaabni barattootaa ammoo dandeettiiwwab bu'uuraa waan xiyyeeffatuuf kan walhinsimne ta'uu isaa hubatameera. Kanaan walqabatee, akka sababaatti kanneen barsiisotni kaasan keessa haala qophii qormaataarratti barsiisotni hubannoo ga'aa akka hinqabne, mijaayina dhabuu naannoo manneen barnootaafi bulchiinsi mana barumsaa hanga gaaffii qophaa'uu qabuu daangessee qajeelchuun isaan ijoo akka ta'an odeeffannoo argame irraa hubachuun danda'ameera. Haalonni olitti kaa'aman kun qormaatni barsiisotni qopheessan waan madaalliiin safaruu barbaade kan safaruu hindandeenye ta'uun hubatameera. Sababni isaas, qabiyyeen kitaaba barataa hedduun isaa kan madaalliif hindhiyaannedha. Kanaafuu amma sini barnootaafi addeemsi rakkisaa ta'e kun gedderamutti kun gedderamee haalli naannoo maanneen barnootaa mijatutti barsiisotni qooda fudhattoota ta'an amma danda'ametti akka walsimsiisanii qopheessan jechuun akka yada furmaataatti dhiyaatee jira.*

# Galata

Hunda dura waan hunda dabarsee gaarummaa isaatiin gaggeessee har'an nagahuun hojii kana hojjedhee akkan xummuru kan nagargaare waaqayyoo uumaaf galannii koo daangaa hinqabu. Itti aansuun nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda naaf gochuun milkaa'ina qorannoo kanaatiif kan nawaliin dadhaban gorsaa koo barsiisaa Cimdii Waaqumaa fi gargaaraa gorsaakoo Mahaadii Huseen baayiseen galateeffadha. Akkan seeraan gulaalee dhiyeessuuf gorsa barbaachisaa waan naaf gootaniif Tashoomaa Balaayinaa(PhD)Fi barsiistuu yuuvarsiitii Wallaggaa kan taate Alimaa Jibiril (PhD) kabajan isiniif qaba.

Itti aansuum, bu'a ba'ii hedduu keessa darbuun bakkan har'a ga'e kanaaf bu'uura jalqabaa kan naaf ta'an abbaa koo obbo Olaanii Waaqoofi Haadha koo aadde Angaree Daleef oolmaa keessan hundaaf osoo isin hingaalateeffatin bira hindarbu.Akkasumas karaa hundaan nabira dhaabbachuun jalqabaa hanga dhuma hojii kanaatti najajjabeessuun milkaa'ina qorannoo koof shoora olaanaa kan bahaa turte haadha manaa koo aadde Masarat Margaa kabaja lapheerra madde nabiraa qabda.

Akkasumas, obboleessa koo barsiisaa Kaffaalee Olaanii kompitera barreeffamaafi deggarsa gama maraan naaf taasisa tureen galma ga'insa qorannichaa keessatti gahee guddaa qaba waan ta'eef gumaacha isaa hundaaf galateeffachuun barbaada.

Dhumarratti, wayita sababa dhibee "kooviid 19" mana barumsaa cufatee jirutti barsiisota mana barumsaa qorannoon kun irratti geggeeffametti odeeffannoo naaf kennuun nagargaartaniif, kutaa meeshaa barreeffamaa mana barumsaa qophaa'inaa fi carraa barumsaa kana naaf kennuun hubannoo guddaa kan naaf laate yuunvarsiitii Jimmaa nangalateeffadha.

## Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiisoo

Gabaajeefi kottoonfachiiftuun armaan gadii kun jechoota qorannoo kana keessatti dhimma itti bahamanidha.

ALI ………………………..Akka laoofsa Itoophiyaatti

Dhi. ………………………..dhiira

Dha. ……………………… dbubartii

Lakk. ……………….. lakkoofsa

Seem. ……….………. seemisteera

Ykn………………….. yookiin

KBAO…………………..kitaaba barnoota Afaan Oromoo

A/G/A………………..Aanaa Giddaa Ayyaanaa

## BAAFATA GABATEEWWANNII

**Gabatee** **Fuula**

**1.** Gabatee (1) Seen-duuba baay'ina barsiisota odeeffannoo kennanii……… 33

**2.** Gabatee 2. sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi

Qormaata Barsiisotni Kutaa 9ffaa …………………………………………..34

**3.** Gabatee(3), sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi

Qqormaata Barsiisoti Kutaa 10ffaa…………………………………………. 37

**4.** Gabatee(4),Sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi
Qqormaata Barsiisoti Kutaa 11ffaa …………………………………………40

**5.** Gabatee (5), sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaa fi
Qqormaata Barsiisotni Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa…………………. …..… 43

**BAAFATA**

**QABIYYEE………………………………………………………………………… FUULA**

Axereeraa ........................................................................................................ I

Galata ............................................................................................................ II

Jechoota Gabaajeefi Kottoonfachiisoo ......................................................................III

BAAFATA GABATEEWWANNII .............................................................................. IV

BOQONNAA TOKKO:SEENSA ................................................................................1

1.1. Seen Duubee Qoranichaa ................................................................................ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ...................................................................................... 5

1.3.Kaayyoo Qorannichaa ........................................................................................ 7

*1.3.1. Kaayyoo Gooroo..........................................................................................7*

*1.3.2. Kaayyoo Gooree .........................................................................................7*

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........................................................................ 7

1.5. Daangaa Qorannichaa ...................................................................................... 8

1.6. Hanqina Qorannichaa ...................................................................................... 9

BOQONAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ...............................................................10

2.1. Maalummaa Madaallii...................................................................................... 10

2.2. Maalummaa Qorumsa Afaanii………………………………………………………11

2.3. Walitti Dhufeenya Barnoota Afaaniifi Qormaata Afaanii ....................................... 12

2.4. Kaayyoo Qormaata Afaanii............................................................................... 13

2.5. Faayidaa Qormaata Afaanii.............................................................................. 14

2.6. Gosawwan Qorumsa Afaanii ............................................................................ 15

2.7. Ulaagaalee Madaallii (principles of Assessment) ................................................ 18

*2.7.1. Sirrummaa (Validity)...................................................................................18*

2.8. Qormaata Sirrummaa Gama Qabiyyeen Qabu Qopheessuuf Qabxiilee Xiyyeeffannoo Argachuu Qaban.................................................................................................... 21

2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ........................................................................... 22

2.9. Gabatee Murteessituu Qorumsaa ...................................................................... 24

Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa..........................................................25

3.1. Saxaxa Qorannichaa......................................................................................... 25

3.2. Irraawwatama Qorannichaa............................................................................... 25

*3.2.1. Mala iddatteessuu*.......................................................................................*25*
3.3. Madda Ragaalee ........................................................................................... 26
3.4. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname ................................................................ 26
*3.4.1. Sakatta'a Dokumentii* ..........................................................................*26*
*3.4.2. Afgaaffii* .............................................................................................*27*
3.5. Adeemsa Ragaalee Funaanuu............................................................................. 28
3.6. Mala Ragaa qaaccessa Qorannichaa .................................................................. 28
BOQONNAA AFUR: XIINXLA RAGAALEEFI QAACCESSA ..............................................30
4. 1. Mil'uu Kitaaba Baratаа Afaan Oromoo Fi Madaallii Barnoota Afaan Oromoo............... 31
4.2. Duubee Ragaa Kennittootaa.............................................................................. 33
4.4. Wanttootni Walsimannaa Kenniinsa Madaalliifi Qabiyyee Barnootaatti Gufuu Ta'an .... 45
4.5. Adeemsa ittnni qormaata qopheessan ................................................................ 50
**BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA** ................................... 55
5.1. Gudunfaa ........................................................................................................ 55
5.2. Yaada Furmaataa.............................................................................................. 57
Wabiilee ..............................................................................................................59
DABALEE 'A' .........................................................................................................61
**DABALEE "B":Af-gaaffii Barsiisotaa**.........................................................................62
Dabalee 'C': Gaaffilee marii garee xiyyeeffannoof dhiyaate. .......................................63

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Seen Duubee Qoranichaa

Waanti uumamee jiru eessaa akka dhufe? Ayyuleefi beektotni adda addaa dhiimma irratti bobba'anii jiran irratti amma hubataniifi amma bira gahan himu. Inni kaan ammoo yaada isaanii mormuun argannoo haaraa isa duraa amansiisuu danda'u dhiyeessun argannoo duraa kuffiisanii kan isaanii bakka buusuuf carraaqu. Anis kana ofumaa hinkaafne; mataduruun qorannoo kanaaf filadhee ka'e kana achii as dhuftee isaa amman dubbisee argadhe, yaada ayyootaa dhimmicha irratti qorannoo geggeessanii fayyadamee seenduubee madaallii barnoota Afaaniifi barnoota Afaanii haala gadiin dhiyeessuuf yaaleera.

Gabaabinaan maalummaa isaaraa yyo eegale barnootni afaanii Brown (1994, f.142), qormaanni mala safartuu haala raawwii dhuunfaa namni tokko dandeettiifi beekumsa yookaan ogummaa damee barnootaa tokko irratti qabuufi kaayyoo barumsa tokkoo galma ga'uu isaa beekuuf kan gargaaru akka ta'e ibsa. Kitaabileen qajeelcha barsiisaa Afaan Oromoo (kutaa 9-12, f.i) irratti akka ibsametti;" Kaayyoon barnoota afaanii inni guddaan akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniif ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa horachiisuudha." jedha.

Barnootin afaaniifi qormaatni afaanii walitti dhufeenya cimaa qabu. Kanas akka, , qorumsi afaanii galma ga'insa baruu barsiisuuf haal gaariin deemuu isaa kan keessatti hubatamu akka ta'e ibsee jira. Akkasumas, baruufi barsiisuun geggeeffame akka gabbatu gochuuf gargaara jedha. Bachman (1990). Walumaa galatti yaada hayyuu kanarraa hubachuun kan danda'amu qormaatni afaaniifi barnooti afaanii walitti hidhata cimaa kan qabaniifi gargar baasuun kan hindanda'amne ta'uu hubachiisa. Kun immoo kaayyoo qormaata Afaaniiti.Kaayyoo kana galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan taasifaman keessaa inni tokko madaallii fi qabiyyee barnootaa walsimsiisanii deemuun barbaachisaadha.

Hayyoonni afaanii mala ittiin afaan barsiifamuu danda'u yeroo garaagaraatti qorachuun itti tajaajilamaa turaniiru. Malleen yeroo garaagaraatti hayyootaan bocamaniifi dhimmi itti bahaman kunniinis yaadiddamoota garaagaraa irraatti kan bu'uureffamaniifi qabxiilee xiyyeeffannoo mataa isaanii kan qabaniidha. Seenaan qo'annoo madaallii Afaanii umrii dheeraa galmeessisee akka jiru hayyuleen hedduun barreessanii jiru. Rivera, ( 2007,f.18), (Aiken, 1994). wabeeffachuun yoo ibsu;

> *Assessment planted roots in education dating back to the 1200s at the university level and the 1800s at the secondary school level. Through the decades it has served many purposes, such as measuring student proficiency, comparing student achievement data, or determining if astudent should be retained or promoted. .*

Yaada kanarraa kan hubatamu madaalliin barnootaa kan eegale sadarkaa uunivarsiitiitti bara 1200 keessa akka ta'eefi mana barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti ammoo bara 1800 keessa akka ta'e ibsee jira. Stern (1983,f.120) yoo ibsu biyyoota dhihaa keessatti qo'annoon Afaanii, qo'annoo Afaanoota Giriikii fi Laatiinii (Roomaa) waliin kan walqabate akka ta'e ibsuun; Afaanoonni kunneenis waggootii 800 dura baratamuufi barsiifamuu eegalamanii akka turan eera.

Hayyoonni xiinqooqaafi qorattoonni afaanii qulqullina afaan barsiisuu fooyyessuuf yemmuu tattaafachaa turanitti jaarraa 19[ffaa] keessa kan isaan bu'uureffatan yaadxinoota afaan barsiisuu adda addaati. Yaadxinoonni kunniin ammoo akkaataa afaan itti baratamu, akkaataa beekumsi afaanii ittiin gonfatamu, akkasumas akkaataa afaan ittiin caaseffamurratti kan hundaa'an akka ta'e Richardsfi Rodgers (2001) ibsanii jiru.

Kayo Yoshida (2006, f.3) iratti (Chew, 2005) wabeeffachuun akka ibsetti;

> *During the 1960s and 1970s, language testing techniques were heavily influenced by structural linguistics. The analysis of language favoured by behaviourist approaches (e.g. Skinner) led to discrete point testing, that is to say, tests were designed to assess learners' mastery of different areas of the linguistic system in isolation.*

Yaada kanarraa kan hubatamu qormaanni afaanii baroota 1960fi 1970 keessa haala dhiyeenya amaleeffannaa dandeettiiwwan tokko tokkoon qofaa qofaatti qoruu irratti xiyyeeffachuun kan laatamaa ture akka ta'e hubachiisa. Bachman fi Cohen (1998) fi Brindley (2001) akka ibsanitti 'Chomsky'n bara 1965 haala dhiyeenya dandeettii tokko tokkoon qoruu yeroo jalqabaaf haala dhiyeenya dandeettii afaanii qofa qofaatti jedhu hanbisuun ogummaa qajeelfama bu'uureffate "rule-based knowledge" jedhu akka hundeesse ibsanii jiru.

Itti fufuun akka Kayo (2006, f.3) Richards (2001, f.153) wabeeffachuun yoo ibsu, jalqaba baroota 1970ootaa keessa malli madaallii yaadxina waliin dubbii (communicative theories) hayyulee

Xiinqooqaa biratti fudhatama akka argateefi caasaa afaanii caalaa dandeettii walii galtee brattootaa xiyyeeffatamuu qaba kan jedhan bakka akka qabate ibsu. Haalli kun ammoo afaan baruufi barsiisuutiif fi qormaata afaaniif mala gaarii akka huume ibsuun, yaadxinootni biroon hawaasaaf bu'aa buusan yeroo jalqabaatiif akka hojiirra oole ibsu. Akka Richards (2001) baruma kan keessa malli afaan barsiisuu dandeettiiwwan walmakaa dhaan madaaluunis bara 1970 keessa akka hojiirra ooluu eegale hima.

Seenaa jalqabbii madaallii barnoota afaanii waliin wal qabatee haala dhiyeenya madaallii afaanii (Approaches to language testing) baroota 1950 keessaa eegalee sababa yaadxinni barnoota afaanii jijjiiramaa demuuf hojiirra oolmaan madaallii barnoota afaaniis jijjiiramaa deeme. Yaada kana Brown, (2004, f.3) yeroo ibsu sababa yaadiddamni afaan barsiisuu ykn malli afaan barsiisuu fi haalli dhiyeenyaa jijjiiramaa dhufeef bara 1950 keessa malli addatti yaadolee murtaawoo kanneen akka madaallii afaanii caasaa murtaa'eef kan jedhu hojiirra oole.Casaalee kanneen akka xiinsagaa, hiika jechootaa fi seerlugaa madaaluu akka ta'e ibsa. Haala dhiyeenya madaallii afaanii turan isaan armaan gadiiti jechuun hayyootni barreessan dhiyeesseera.

Tokkoffaan, Haala Dhiyeenya Madaallii Afaanii Caasaalee Murtaawoo (discrete-point approach) Akka haala dhiyeenya kanaatti Afaan qabiyyee hedduu (several components) seeraan madaalamuu qaban; of keessaa qaba yaada jedhu of keessaa qaba. Qabiyyeen kunneenis kanneen dandeettiiwwan afaanii qofaa qofaatti qoramuu akka qaban haala dhiyeenyaa deeggarudha. Yaada kana akka Heaton, (1998) ibsetti: haalli dhiyeenya caasaalee murtaawoo'discrete-point approach' ilaalcha mala baruu barsiisuu caasessitootaa kan bu'uureffate ta'ee jijjiirama amalaa barattoota irratti fiduuf akkasumas xiyyeeffannoo waan baratamuu iratti barattoota ga'oo gochuuf kan kennamu ta'uu irratti akka xiyyeeffatee ture hubatama. Yaaduma kana deeggaruun Yoshida (2006) Chew (2005) wabeeffachuun yoo ibsu:

> *During the 1960s and 1970s, language testing techniques were heavily influenced by structural linguistics, The analysis of language favoured by behaviourist approaches (e.g. Skinner) led to discrete point testing, that is to say, tests were designed to assess learners' mastery of different areas of the linguistic system in isolation [e.g. grammatical knowledge, vocabulary, pronunciation etc.*

Yaada armaan olii kan hubatamu baroota 1960fi 1970 keessa haalli madaallii hamaleeffannaa haala dhiyeeyna dandeettii tokko tokkoon adda baasuun barattoota gahoomsuuf itti fayyadamamaa akka turan hubachuun ni dana'ama.

Lammaffaan, Haala dhiyeenya walmaakaa (the integrative approach) Akka Brown, (2004) ibsetti, Haala dhiyeenya madaallii afaanii walmakaa kan inni irratti xiyyeeffatu haala galumsaafi itti fayyadama afaanii walii galtee hiika qabeessa ta'erratti akka tu'e dha. Haalli dhiyyeenya walmakaa kun akka haala dhiyyeenya "discrete-point" dandeettii afaanii tokko addatti kan dhiyeessu osoo hintaane dandeettiiwwan lamaaf ol walfaana kan dhiyyeessu akka ta'e ibsa.

Sadaffaan, Haala dhiyeenya walii galtee (the communicative approach) Akka Brown (2004) ibsetti haali dhiyeena qormaata ykn madaallii afaanii walqunnamtii /walii galtee/ kan irratti xiyyeeffatu barbaachisummaa waliigaltee hiika qabeessa waliin dubbii irratti akka tahe addeessee jira. Yaada kana deeggaruun Hyland,( 2003) akkas jechuun ibsee jira.

> *The main concern of communicative approach to language testing to use authentic tasks which the test takers are required to perform real life situation. The accomplishment of the tasks is judged based on the effectiveness of communication instead of linguistic accuracy.Jechuun ibsee jira.*

Yaada olii kanarraa kan hubatamu madaalliin afaanii haala dhiyeenya walqunnamtii xiyyeeffannoon isaa shaakala ykn hojiilee qabatamoo gaafatamtootni (barattootni) haala qabatamaa jireenya guyyuu keessatti itti fayyadaman dhiyeessuu qaba yaada jedhu kan qabu ta'uu isaati. Xumurri isaa kan ittiin madaalamu sirreessee dubbachuu isaarra walii galuu danda'uu isaatiin akka ta'edha. Akka haala dhiyeenya madaallii afaanii walqunnamtiitti qopheessitooni qormaataa gaaffii jireenya guyyuu gaafatamtootaa waliin walqabate qopheessuu akka qaban addeessa.

Afureffaan, Haala dhiyeenyaa Madaallii gahumsa xiyyeeffate (performance-based assessiment) Madaalliin gahumsaa kan kennamu afaaniin (orally) yookaan barreeffamaan gareenis ta'e dhuunfaan akka at'eefi kan yeroo dheeraa fudhatuu akka ta'e ibsa. Brown (2004) Kunis barattootni ammam waan barataniin of danda'anii akka jiraniif sadarkaan gahumsa isaanii maal irra akka jiru beekuuf kan madaalaman akka ta'e nahubachiisa.

Walumaagalatti yaadolee olitti seenaa jalqabbii barnoota Afaanii ilaalchisuun hayyootni garaagaraa ibsan irraa wanti ani hubadhu kaayyoo barnoota hubachiisuuf barbaadan galmaan ga'uuf tooftaan isaan barnoota afaanii ittiin madaalaa turanis waliin kan deemu ta'uu isaati. Kun ammoo yeroodhaa gara yerootti haalli dhiyaanyaafi kaayyoo madaalaniif garaagarummaa agarsiisaa kan dhufe ta'uu hubachiisa. Akkasumas barnootni afaaniifi qormaatni afaanii addaa addummaan bu'uuraa kan hiqabne ta'uu issati. Garaagarummaan kaayyoo qabatanii ka'aniifi tooftaa kenniinsa madaallii akka ta'e dha. Sababni isaas qormaatni afaanii galma ga'iinsa kaayyoofi qabiyyee barnoota afaanii mirkaneeffachuuf tooftaa hojiirra oolu akka ta'e qorannoo mata duree koo wajjinis waan walitti hidhateefidha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Madaalliin gosa adda addaa jiraatanis qorannoo kana keessatti, madaallii barnoota afaanii irratti bu'ureffachuun qorannoo xiinxala walsimannaa kenniinsa madaalliifi qabiyyee barnoota Afaan Oromoo akka afan tokkoffaatti baratan irratti kan xiyyeeffatudha. Gosoota madaallii jiran keessaa barsiisaadhaan dandeettiifi ga'umsa afaanii barattootaa adda baasuuf qophaa'u qabiyyee kitaaba barataa irra jiru waliin kan walsimu tau'uufi ta'uu dhabuu irratti kan xiyyeeffatedha. yaada kana Brown,(2001) akka ibsetti. Madaalliin kan barsiisaadhaan beekumsaa fi dandeettii barattootaa adda baasuuf tooftaa madaallii adda addaatti gargaaramee odeeffannoo fudhatu ta'uu hubachiisa.

Brown ,(1994, f.142) qormaanni mala safartuu haala raawwii dhuunfaa namni tokko dandeettiifi beekumsa yookaan ogummaa damee barnootaa tokko irratti qabuufi kaayyoo barumsa tokkoo galma ga'uu isaa beekuuf kan gargaaru akka ta'e ibsa.Haata'u malee muuxannoon qabu umuriin mana barumsichaatti barsiisaa ture hundatti dandeettiiwwan afaanii gurguddoo jiran keessaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu Afaan Oromoo barattootaa addaan baafachuuf yeroo isaan madaalamanis ta'e qophii qormaataa keessattii hinmullatu. kun ammoo qabiyyeen barnoota afaanii madaalamuu keessaa akka hanqate namatti agarsiisa. Kanaafuu hanqina walsimannaa qabiyyeefi madaallii gidduu jiru xiinxaluuf nakakaase.

Itti dabaluunis, odeeffannoo madaalliidhaan argamu irraa malee sadarkaa barattootni amma irra jiraniifi galma isaanii fuul duraa tilmaamuun ulfaataa aaka ta'e Highland, (2003) ibsee jira. Kun ammoo barattootni dandeettii isa kam irrattii ciminaafi dadhabina akka qaban addaan baasuun deeggarsa gochuufiis ta'e toofaa barsiisuus jijjiiruun gaargaarsa gochuufiin waan hin

danda'amneef; Akkasumas, yeroon sakatta'a barruu geggeessaa turetti qorannoo dhimma kanaan walqabate geeeggffame hangan dubbisetti argachuu waanan hindandeenyeef qorannoo kana akkan geggeessuuf nakakaase. Sakatta'a qorannoo walfakkii yeroon dubbisaa turetis qabiyyeen barnootaafi madaalliin sadarkaa addaa addaatti qaamolee garaagaraan qophaa'aa turan kan walhinsimne ta'uu isaa argannoo isaanii keessatti eeranii jiru. Qorataan kun garuu sababa akka jijjiiramtootni kun lamaan walhinsimne taasisaniifi adeemsa qopheessitootni qormaataa keessa darbanii itti madaallii garaagaraa qopheessan waan ifa hintaaneef qorannoo kana keessatti itti guutuun maal akka fakkaatu addaan baasee dhiyeessuuf kan ka'edha. Kunis, madaalliin barsiisaa dareedhaan qophaa'uufi qabiyyee barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12tti jiru ammam akka walsimuufi walirraa fagaatu; Adeemsa kana keessatti immoo gufuuleen jiruu?fi Tooftaa kamiin ammoo akka qophaa'u xiinxaluun ifa baasuufidha.

Akkasumas Brown (2003, ff. 13-14) irratti waa'ee madaallii yeroo ibsu yeroo mara waa'een madaallii gaafa ka'u meeshaa barnootaa sana bu'uura godhachuun kan barattootni keenya beekuu qaban yookaan hojechuu danda'an yaaduu akka qabnuufi yookaan qabiyyee barnoota barsiifne qoruu akka qabamu ibsee jira. Kun ammoo qabiyyeen barnoota barsiifnuufi qabiyyeen qormaataa walsimuu akka qabu hubachuun nidanda'ama. Qorataanis qorannoo kana akka geggeessuuf kan isa kakaase qabiyyeen barnootaaf dhiyaateefi qormaanni barsiisaa dareedhaan qophaa'ee dhiyaate walsimee deemuu isaa addaan baasuuf ta'a.

Kanumarraa ka'uun, qorataan qorannoo kanaa gaafa xumuru gaaffilee asii gadii ka'umsa godhachuun qorannoo kanaaf deebii barbaaduuf kaayyeffatee ka'e.

1. Qormaatni barsiisotnii dareedhaan qophaa'u qabiyyee kitaaba barattootaa waliin hagam deema?
2. Adeemsi barsiisotni walgitiinsa qormaataafi qabiyyee barnootaa walsimsiisuuf keessa darban maal fakkaata?
3. Wantotni walsimannaa kenniinsa madaalliifi qabiyyee barnootaatti gufuu ta'an maal fai?

## 1.3.Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon geggeeffamu kamuu kayyoo ka'eef yookaan waan deebisuu barbaadu tokko bira ga;uuf waa fuulduratti aggaamee ka'a qorataan qorannoo ganaas kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree gadii xiyyeeffatee ka'eera.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, walsimannaa kenniinsa madaallii barsiisota mana barumsaa Giddaa Ayyaanaa sadarkaa lammaffaafi Qohaa'inaa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 barsiisaniin bara 2011fi 2012 A.L.I. qophaa'ee barattootaaf dhiyaate hangam qabiyyee barnootaa daree sanaaf dhiyaate waliin akka walsimu xiinxaluudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

- Madaalliin barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 jiru qabiyyee kitaabaa daree sanaa waliin wlbira qabuun xiinxaluu
- Wantoota walsimannaa kenniinsa qormaataafi qabiyyee barnoota Afaan Oromoof sababa ta'an adda baasuu.
- Adeemsa barsiisotni qophii qormaataafi qabiyyee waliin walsimsiisanii deemuuf hojetan ibsuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Mata duree kana jalatti qorannoo geggeeffame kana irraa kallattiifi alkalattiin qaamota itti fayyadamtoota ta'an bakka itti dhiyaatedha. kunis qorannoo kantti qaamoleen fayyadaman,

- Barsiisotnifi barattootni mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa kutaa 9^ffaa^tii hanga 12^ffaa^tti afaan oromoo barsiisaafi barachaa jiran kallattiin fayyadamuu danda'u sababni isaas qorannicha dubbisuu waan danda'aniif.
- Namootni mata duree walfakkaatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadan akka madda odeeffannootti dhimma itti ba'uu danda'u; jedheen yaada.
- Qaamni sirna barnootaa qopheessu qaawwaa baruufi barsiisuu keessatti mudatu sakatta'uun akka yaada kana ilaalcha keessa galchee siilabasii qopheesuuf isa gargaaruu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Dangaan qorannoo kanaa daangaa bakkadhaan, manneen barnootaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa godina Wllagga Bahaatti aanaa Giddaa Ayyaanaa keessaa; mana barumsa sadarkaa lammaffaafi qophaa'inaa kutaa 9^ffaa^-12^ffaa^tti bara barnootaa 2011/2018 fi 2012/2020 barnoota afaan Oromoo barachaa jiran irratti kan daangeffamedha. Sababni isaas, yeroon barsiisaa turetti haalli teessuma daree, bayyinni barataa daree keessa jiruu fi baayinni barsiisaa ramadamee jiru ulaagaa (standerdii) barattoota sadarkaa lammaffaafi Qophaa'inaaf Biiroon Barnoota Oromiyaa (Hagayya,2004) labse waliin wal hinsimu waan ta'eef, kun dhiibbaa walsimannaa kenniinsa qophii madaalliifi qabiyyeen kitaaba barataa walsimee deemsifamaa jiru ifa baasuuf filatame.

Akkasumas daangaa gama qabiyyeetiin ammoo, ulaagaan madaalliin tokko madaallii gaarii ta'uun isaa ittiin madaalamu keessaa Brown (2004) Madaalliin Afaanii tokko yoo xiqqaate ulaagaalee shan qabaachuu qaba jedhuun kaa'e shanan bu'uura godhachuun isaan keessaa Sirrummaa (Validity) irratti hojjechuuf kan daangeffamedha. Sirrummaa qormaataa keessaas sirrummaa gama qabibiyyee (content validity) irratti kan daangeffamedha.Sababni qorataan haala kanaan daangessees, tokkoffaan xiyyeeffannoon qorannichaa walsimannaa qormaata (madaallii) barsiisaa dareedhaan qophaa'uufi qabiyyee barnootaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9-12tti ammam akka walsimuufi walirraa fagaatu xiinxaluun ifa baasuu waan ta'eefi. Mata duree koo waliinis waan deemuufi daangaa qabiyyee qorannoo kanaa gochuun daangeffame.

Inni lammaffaa, ammoo qabiyyeen madaalliin tokko qabu hedduudha. Kanneen keessaa ammoo qabiyyeen kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 jiru mara ulaagaa madaalliin tokko ittiin safaramu maraan safaruun baayyee ballaafi ulffaataa waan ta'eefdha. Akkasumas, kaayyoo ani qorannoo kana geggeessuuf ka'e waliin kan deemus walsimmaanna qabiyyee barnootaa kitaaba barattootaa gosa barnooota Affaan Oromoon jiruufi qormaata yookaan madaallii barsiisaa dareedhaan qophaa'u waan ta'eef haala kanaan kan daangeffamedha.Madaalliin barsiisotni otqopheessan hunda kan barsiisotni qabxii itti kennan mara jechuunis battallee, abbaltii, qormaata walakkeessa ssemisteeraafi qormaata xumuraa kan seemisteera sadii hunda kan ofkeessatti ammatee xiinxalamedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinaaleen qorannoo kanaa, yeroo dhibeen koronaa “covid 19” ammaatee jiru keessa waan geggeeffameef odeef-kennitoota walitti qabachuuf baayee narakkisaa ture. Kanumaan wal qabatee eddoo fageenyarra waanan jiruuf yeroo yerootti deddeebi’ee gorsaakoo faana wal arguuf illee baay’ee ulfaata ta’eera. Akkasumas dhimma madaalliirratti kitaabni ga’aan Afaan Oromoon barraa’ee jiru waan hin arganneef odeeffannoo ga’aa sassaabbachuun hanqina namudatedhaa. Haata’u malee qoratichi mana jireenyaa odeef-kennitootaa irra adeemuun akkaataa isaaniif mijateen afgaaffii kana dhiyeessuun kan odeeffannoo walitti guurrate yoo ta’u, karaa gama gorsaatiin ammoo bilbilaafi qorannicha erguun gorsaakoo waliin wal arguun qorannichi akka fiixxan ba’u gochuun rakkicha furuuf kan yaale yoota’u; gama kitaabilee dhimma mata dureekoo waliin walqabatee ammoo afaan biroo irraa walitti qabachuun gara Afaan Oromootti hiikuufi kaan ammoo akkuma jirutti waraabbachuun hanqinicha furuuf yalamus afaan Ingiliffaan waraabuun kaa’uun rakkoo guddaa namudatadha..

# BOQONAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun waa'ee adeemsa ojiirra oolmaa kenniinsa walsimannaa madaalliifi qabiyyee barnoota afaanii irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis hiika madaallii afaanii irratti beektotni yaada kennan irratti xiyyeeffachuun dhimmoota madaallii barnoota afaanii irratti ka'an hedduu keessaa dhiimma mata duree qarannoo koo waliin wal qabatan haala gadiin dhiyeesseera.

## 2.1. Maalummaa Madaallii

Madaalliin meeshaa safartuu dandeettii dhuunfaa nama tokkoo adeemsa mataa isaa qabuun kan qophaa'uu akka ta'e Bachman, (1990) ni ibsa. Akka Brown (1994) ibsetti ammoo madaalliin (a test) mala safartuu haala raawwii (performance) dhuunfaa namni tokko barumsa ykn ogummaa damee tokko irratti qabu beekuuf kan gargaaru akka ta'e ifoomsee jira. Akka Weiss, (1972) Madaalliin dandeetti waan tokko kana jedhanii murteessuudha.Madaallii jechuun mala odeeffannoo funaannatanii kaayyoo tokko murtoo irraa gahuudha. Waan tokko murtoo sirriirra gahuun dandeettii barataa waa murteessu qofaan osoo hinta'iin odeeffannoo qulqulluutti gargaaramee murtoo tokko kennuudha.Kanaaf, madaalliin waan raga tokkorra dhaabatanii waan tokkotti gatii kennuudha. Jechuun ibsa.  Itti Dabaluunis (Brown, 2001) yoo ibsu

> *Atest can be conceived as a method or an instrument or systematic procedure which involves a group of questions (perhaps written or oral) that are mainly designed to elicit students' performance or to check the attainment of teaching objectives Testing is considered a way to systematically measure a person's ability or knowledge, and it is formalized as a set of techniques or procedures.*

Akka ibsa armaan olitiin barataan tokko kaayyoo barumsa tokkorratti dandeettii horate ykn kaayyoo barumsa tokkoo galma ga'uu isaa beekuuf kan nugargaaru akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, qormaanni (testing) tooftaa dandeettii ykn beekumsa namootaa karaa ittiin adda baafatan akka ta'e hubachiisa.  Qormaanni xiinsammuu yookiin barnootaa adeemsa amala murtaa'aa qabu tokkoo safaruuf kan qophaa'u akka ta'e Bachman (1990,f. 131) hiikee jira. Gama biroon immoo Kaplan fi Saccuzzo (2009, f.6) ''A test is a measurement device or technique used to quantify behavior or aid in the understanding and prediction of behavior '' jedhu. Yaadni kun qormaanni meeshaa safartuu yookiin tooftaa amala safaruuf tajaajilu yookiin amala waan tokkoo hubachuufi tilmaamuuf gargaarudha. Madaalliin dandeetti waan tokko kana jedhanii murteessuudha. Yaaduma kana deeggruun madalliif yoo hiika kennu Madaalliin adeemsa hojii

barataafi bu’aa qabeessummaa sagantaa barumsaa tokkoorratti murtoo kennuu akka ta,e ibsa. Akkasumas, odeeffannoo irratti hundaa’ee, sartifikkeettii laachuuf, ramaddii geggeessuuf gargaara. Kana malees, bu’aaqabeessummaa sirna barnootaa, mala barsiisuu ykn fiixaan ba’insa barachuu murteessuuf faayyada, jechuun ibsee jira. Bachman (1996)

Yaada garaagaraa olitti ibsame kanarraa akkan hubadhutti, adeemsa baruu fibarsiisuu keessatti qormaanni madaallii ittiin sadarkaa hubannoo barataan barumsarratti qabu sadarkeessuuf fayyadudha. Barumsa afaanii keessattiis, beekumsaafi ga'umsa barattootaa beekuuf kan itti gargaaramnudha. Akkasumas, adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti akkamittii akka adeemaa jirru beekuuf qormaanni nibarbaachisa. Barsiisaan afaanii tooftaa inni hordofe sirrii ta'uu isaa beekuuf qormaata gargaaramuu danda'a. Qormaanni gosa adda addaafi tooftaalee adda addaatiin adeemsifamuu kan danda’uufi tooftaa kamiin barattoota isaa akka madaaluu qabu kan murteessuu danda’u barsiisaadha. Kanas kan murteessuu danda'u kaayyoo kamiif gosa qormaata kamiin, tooftaa qormaata kamiin osoon madaalee gaarii ta'a jechuudhaan kan filatu akka ta’e nahubachiisa.

Kanamalees, akaakuun qormaataa gosa qormaata adda addaa bariisaan haala itti madaalu kan haala qajeelfamaarratti hundaa’ee murteeffata. Akka Brown (1994, f.142) ibsetti, qormaanni mala safartuu haala raawwii dhuunfaa namni tokko dandeettiifi beekumsa yookaan ogummaa damee barnootaa tokko irratti qabuufi kaayyoo barumsa tokkoo galma ga’uu isaa beekuuf kan gargaaru akka ta’e ibsa. Kanaafuu barsiisaan afaanii tokko barrattoota isaa gosaafi akaakuuwwan qormaata adda addaa hordofuun madaaluu danda'a jechuudh.

Walumaagalatti, ibsa hayyoonni garaa garaa hiika qormaataaf kennan armaan oliirraa akkuma hubatamu qormaanni meeshaa dandeettii yookaan amala dhala namaa safaruuf yookiin madaaluuf gargaaru akka ta’e fi adeemsa afaan barachuu keessatti eddoo olaanaa kan qabuufi waan baratan faana walsimuu akka qabu hubachuun nidanda’ama. Kanas maalummaa qormaata afaanii ilaalchisuun yaada beektotni kaa’an haala gadiin dhiyaatee jira.

## 2.2. Maalummaa Qorumsa Afaanii ( Language testing)

Qorumsi afaanii meeshaa dandeettii afaanii barattootaa madaaluuf gargaarudha. Yaada kana McNamara (2000,f.11) yommuu ibsu, “Language test is a procedure for gathering evidence of general or specific language abilities from performance on tasks designed to provide a basis for predictions about an individual’s use of those abilities in real world contexts,” jedha.

Ibsa kanarraa kan hubatamu, qorumsi afaanii adeemsa ragaa dandeettii afaanii walii-galaa yookiin murtaa'aa namni tokko addunyaa dhugaa keessatti dhimma itti ba'uu danda'uu tilmaamuuf gilgaalota qophaa'an hojjechuurraa funaanuuti. Kanumaan wal-qabatee MCNamara and Rocver (2006) irratti maalummaa qorumsa afaanii yoo ibsan, "Language tests have become a pervasive part of our education system and society. Scores from language tests are used to make inferences about individuals 'Language ability and to inform decisions we make about those individuals." jedha. Yaada kana irraa waanti hubatamu, qormaanni afaanii sirna barnootaa keessattiis ta'e hawaasa keessatti bu'aa guddaa qaba. Kana malees qabxiin qormaata irraa argamu odeeffannoo waa'ee nama qorame sanaa kan mul'isu ta'uu isaa hubachiisa.

Yaaduma olitti ka'e kana deeggaruun Brown (2003) maalummaa hiika qorumsa afaanii yoo ibsu, qorumsa afaanii madaallii shaakalaafi qo'annaa dandeettii namni dhuunfaan itti fayyadama afaanii ilaalchisee gonfate irratti hundaa'uun firii argame irratti qabxii (grade) kennuuf kan gargaaru akka ta'e ibsee jira. Itti dabaluunis qorumsi afaanii kaayyoo waalta'aa qabaatee adeemsa madaallii dandeettii hojii qoramtootaa guutuuf ykn naannoo dandeettii isaanii addaan baasuuf kan gargaarudha j. (Kifle, 1995)

Akka walii galaatti yaada armaan olii kana irraa waanti hubatamu, qorumsi afaanii meeshaa dandeettii afaanii barattootaa madaaluuf adeemsa baruu-barsiisuu keessatti itti dhimma bahamu ta'ee, barattoonni qorumsa isaaniif kenname akkaataa barbaadameen sirriitti hojjechuufi dhiisuu isaanii karaa itti addaan baafamudha. Kun erga raawwatameen booda hojii irra oolmaafi galma ga'insi kaayyoo sanaa firii galmaa'e bu'uura godhachuun kan xiinxalamudha.

## 2.3. Walitti Dhufeenya Barnoota Afaaniifi Qormaata Afaanii

Barnoonni afaanii fi qormaanni afaanii walitti dhufeenya cimaa akka qaban, Heaton (1995) yommuu ibsu ilaalchi duraan ture qormaata afaaniifi barnoota afaanii adda adda godhanii ilaalaa akka turan; haata'u malee barnootni afaanii fi qormaanni afaanii walitti hidhatiinsa cimaa akka qaban tokko tokkorraa adda baasanii ilaaluun kan hindanda'amne ta'uu ibsa. Bachman (1990), walitti dhufeenya qormaata afaaniifi barnoota afaanii ilaalchisuun, qorumsi afaanii galma ga'insa baruu barsiisuuf haal gaariin deemuu isaa kan keessatti hubatamu akka ta'e ibsee jira. Akkasumas, baruufi barsiisuun geggeeffame akka gabbatu gochuuf gargaara jedha. Walumaa galatti yaada hayyuu kanarraa

hubachuun kan danda'amu qormaatni afaaniifi barnooti afaanii walitti hidhata cimaa kan qabaniifi gargar baasuun kan hindanda'amne ta'uu hubachiisa.

## 2.4. Kaayyoo Qormaata Afaanii

Hojiin hojetamu kamuu kayyoofi galma mataa isaa danda'e qaba. Anis qorannoo koo kana keessatti kaayyoo qormaata afaanii ilaalchisuun yaada hayyoota garaagaraaa haala gadiin dhiyeessuuf yaaleera.

Tasfaayeen (1981) yeroo ibsu yeroo kamuu qormaata niqopheessina yommuu jennu, kaayyoo qormaataa maaliif akka qorru, barbaachisummaa isaa beekuuf gargaara. Kaayyoo qormaataa beekuun kaayyoo barnootaa hubachuu nugaafata. Keessattuu qormaanni qophaa'u sagantaa barnootaa murtaa'e irratti bu'uureffate yoo ta'u, kaayyoo barnootaa beekuun dirqamadha. Sababni isaas qormaatni waan nuuf mirkaneessu irraa eegamu barataan barnoota afaanii qophaa'eef kaayyoo irraa barbaadamu galma ga'uufi ga'uu dhabuu isaa adda baasuuf akka kennamu ibsa.

Gama biraatiin Heaton (1990) waa'ee kaayyoo qormaata afaanii yoo ibsu qormaaata yeroo kamuu kannamu yeroo yaannu maal qoramu?, maal qoruu akka barbaanne? beekuun barbaachisaadha.yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeettii afaanii gurguddoo arfan: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu. Hammam hubataniiru? Yookaan ammoo barattootni fooyya'iinsa agarsiisaa jiran madaaluufi hubachuu jedhamee qormaata niqoramu jechuun ibseera.

Hughes (1989), Bachman (1990) fi Heaton (1990) akka addeessanitti barsiisotni barattoota isaaniitiif qormaata kan kennaniif kaayyoo gooroo beekumsi barattootaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti hangam akka ta'e mirkaneeffachuufi bu'aa mala baruu barsiisuu madaaluudha. Dabalataanis barattootni yeroo gara yerootti jijjiirama barnoota afaanii agarsiisaa jiran madaalaa dandeettii afaanii kamiifi dame beekumsaa kamirratti dadhabina akka qaban eeruufi fooya'insa akka horatan dandeessisuu, barumsa isaaniitiin caalaatti kaka'umsa akka horatan gochuu, barsiisotnis mala baruufi barsiisuu qabxii barattootaa waliin waldorgomsiisuun hangam akka gammachiisu akka madaaluuf gargaara jedhu.Walumaa galati yaada armaan olii kanarraa kan ani hubadhu qormaanni afaanii barattoota afaanii dandeettii afaanii hundaan ga'oomanii akka itti fayyadaman gochuuf akka ta'edha.

## 2.5. Faayidaa Qormaata Afaanii

Qormaatni afaanii barattootaaf, barsiisotaaf, qaama sirna barnootaa qopheessuuf akkasumas hayyoota afaaniif faayidaa adda addaa kenna .waa’ee faayidaa qormaata afaanii ilaalchisee Madsen (1993) yommuu ibsu qormaatni afaanii haala gaariin qophaa’e tokko barattootaaf yoo xiqqaate karaa lamaan gargaara. Tokkoffaa barattootni waa’ee barnoota baratanii ilaalcha gaarii akka qabaatan taasisa. Lammaffaa, dandeettiin afaanii barattootaa akka dagaaguufi guddatu gargaara. Kunis qormaata iirra deddebi’anii yaaduun waan qo’ataniif adeemsa kana keessa beekumsi isaanii akka dabalu taasisa. Qormaanni irra deebi’amee akkuma kennamu barattootni baay’ee akka beekaniif carraa ballaa kennaaf jechuun ibsa. Bachman (1996) madalliif yoo hiika kennu Madaalliin adeemsa hojii barataafi bu’aa qabeessummaa sagantaa barumsaa tokkoorratti murtoo kennuudha. Akkasumas, odeeffannoo irratti hundaa’ee, sartifikkeettii laachuuf, ramaddii geggeessuuf gargaara. Kana malees, bu’aa qabeessummaa sirna barnootaa, mala barsiisuu ykn fiixaan ba’insa barachuu murteessuuf faayyada, jechuun ibsa.

Itti dabaluunis, Heaton (1975) waa’ee faayidaa qormata afaanii yommuu ibsu, haala gaariin qormaatni qophaa’e barattootni rakkoo isaan mudate adda baasuun agarsiisuuf nigargaara. Fakkeenyaaf akka Heaton Doktorri tokko dhukkubsataa akkuma qoratu. Barsiisaan tokko ciminaafi dadhabina barattoota isaa qormaataan adda baasuun akkuma yaalaa fayyaa barbaachisaa ta’uu isaati. kana qofaa osoo hintaane barnoota afaanii kamtu ulfaataadha yookaan salphaadha jedhee hubachuuf, mala baruufi barsiisuufi meeshaalee deeggars barnootaa maal akka fakkaatu kan agarsiisuuf raga kennuuf kan gargaaru ta’uu ibsaniiru.

Bachman (1990), gama isaatiin qormaatni afaanii faayidaa ijoo lama akka qabu ibsa. Isaanis tokkoffaa, qormaatni afaanii addeemsa barnootaa irratti murtii kennuun akka madda raga ta’ee fayyada. Lammaffaan, afaan barachuufi naannoo barsiisuufi qorannoo geggeeffamuuf akka eertuu ta’ee fayyaduu danda’u ibsee jira. Kanaafuu madaalliifi qabiyyeen walhi simu taanaan faayidaalee madaallii irraa argama jedhanii Hayyuleen olitti eeran kun hanqachuu danda’a jechuudha.

## 2.6. Gosawwan Qorumsa Afaanii

Hayyootni qormaata afaanii kaayyoo qormaatichaa irratti hundaa'uun gosa qormaataa kallattii adda addaan ramaddaniiru. Gosa qormaataa kan murteessu, dhimmi ijoon qormaatni sun haala qoodinsa qormaataa kunis dhimma kennamuufi barbaachisummaa kennamuuf irratti xiyyeeffatu bu'uura godhachuun qoodaniiru. Hayyootni kunis Hughes,(2003, f. 11-16) fi Alderson, Clapham and Wall ( 1995, f. 11) iirratti ibsanitti qormaanni afaanii bakka gurguddaa afuritti qoodamuun kan argamudha. Isaanis:-Qormaatasak atta'iinsaa(Diagnostic test)**,** Qormaata milkaa'inaa (Achievement test),Qormaata ga'umsaa (proficiency test)fiQormaata ramaddii yookaan Agarsiisuu (Placement test) Tasfaayee, (1981, ff. 123-125), Heaton (1975, ff.162-165), Harrison (1983,f. 48),

Gosoota qormaataa olitti tarreeffaman kana hunda isaanii altokkotti hojiirra oolchuu osoo hintaane barnoota afaanii keessaatti barsiisaan yookaan qaamni qormaata qopheessu akkaataa kaayyoofi barbaachisummaa isaanii irratti hundaa'uudhaan yeroo garaa garaatti sadarkaa sadarkaadhaan hojiitti hiikuu yookaan dhimma itti ba'uu nidanda'a. Dimshaashumatti, qormaatni kutaa barnootaa keessaatti kennamu kayyoowwaan garaagaraatiif ta'uu mala. Kaayyoowwan qormaanni kennamuuf keessaa muraasni isaanii akka gadii kanatti taa'aniiru.

## A. Qorumsa Sakatta'iinsaa (Diagnostic test)

Airisian (1991) akka ibsetti, qormaanni sakatta'iinsaa rakkoo qabatamaa adeemsa baruufi barsiisuu keessatti nama mudatan sakatta'ee baasuudhaan kallattii ittiin sirreessuun danda'amu kan namatti agarsiisudha. Jechuun addeesseera. Yaada olii kanarraa kan hubatamu, qormaanni sakatta'iinsaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti dadhabbii barattoonni irra deddeebi'anii agarsiisaniifi sababa dadhabina isaanii ilaalchisee kan odeeffannoo barbaadamu ittiin funaanamudha. Kanaafuu, qormaanni sakatta'iinsaa ciminaafi dadhabbina barataa addaan baasuuf kan fayyaduufi odeeffaannoo kanarraa argamuun karoora barnootaa gara fuulduraatti ittiin barsiisan xiyyeeffannoo kennuufi kallattii kaawwachuuf kan nama gargaarudha. Dabalataan Sarosday, (2006, f. 13)

> *Diagnostic tests are used to identify students' language problems, weaknesses or deficiencies with the purpose of obtaining information of which language areas further*

*teaching in order to plan future teaching priorities. Then this information can be used to design a syllabus*

Yaada barreessaa kanaarraa akka hubatamutti odeeffannoon qormaata sakatta'iinsaarraa argamu Saxaxa silabasii qopheessuufis nama gargaara. Kanamalees, qormaatni sakatta'iinsaaa karaa seera qabeessa ta'een qormaanni akka qophaa'uufi hanqina dandeettiiwwan afaanii keessatti mul'atan caalmaatti, dadhabbina 'dubbachuufi dubbisuu' ilaalchisee namni tokko qabu hubachiisuuf kan gargaarudha. Akkasumas, qorumsi sakatta'iinsaa iddattoowwan kan akka namoota barreessuu yookaan dubbachuu irratti gahumsa qabaniin odeeffannoo dandeettii isaanii agarsiisu uumuun, mirkaneessuuf sirrummaa caaslugaa yookaan dandeettii xiinqooqaa qaban mirkaneessuudhaaf shoora olaanaa qaba. Kana malees, Sarosday (2006, f. 139) dhimma qormaata sakatta'iinsaa akka ibsetti,

*Diagnostic tests are usually large scale tests, they look back over a wide range of language that students should have learnt over a long period and assess which areas might be problematic. They are usually administered at the start of a new phase of language teaching (e.g. the start of a new school year).*

Akka yaada olii kanaatti qormaatni sakatta'iinsaa qormaata bal'ina qabu, kan barattoonni yeroo dheeraadhaaf barataniifi rakkoo afaanii barattootni qaban sakatta'anii adda baafachuudhaaf kan kennamu ta'uu isaati. Kanamalees, jalqaba barnoota waggaa irratti barattootni dhimma afaanii irratti waanta kanaandura baratanii beekan irratti gama kamiin rakkoo akka qaban sakatta'uun adda baafachuudha. Kana jechuun immoo sakatta'uu qofaa osoo hintaane kallattii rakkoon sun ittiin furamu kaawwachuudhaaf qormaanni sakatta'iinsaa kan gargaaru ta'a.

## B. Qorumsa Ramaddii (Placement test)

Gosnni qormaata kanaa immoo dandeettiifi hubannoo isaan qaban adda baafachuudhaan sadarkaa kutaa isaatiin ramaduuf kan gargaarudha. Bachman (1990) fi Brown (1994), qormaatni ramaddii yeroo qophaa'u yaada bu'uuraa afaanii bu'uura godhachuun akka ta'e ibsuun, xiyyeeffannoon ijoo qormaatichaas qabiyyee barnoota afaanii irraatti akka ta'edha.

## C. Qorumsa Ga'umsaa (Proficiency test)

Haalli gosni qormaataa kanaa itti kennamu muuxannoofi beekumsa yookaan dandeettii waliigalaa namni tokko ogummaa tokkoo irratti qabu safaruu yoo ta'u, caalmaatti dhaabbilee gurguddaa addaa addaa keessatti qacaramuuf madaallii kennamu akka ta'e ibsa. Brown (1994)

## D. Qorumsa Milkaa'inaa (Achievement test)

Qorumsi milkaa'inaa kan bifa sirnaawaan qophaa'uun itti fufinsaan daree barnootaa keessatti kennamuufi dhuma barnootaa ykn koorsii barsiifnuu irratti laatamudha. Yeroo tokko tokko qaama sirna qormaataa laataniin qophaa'ees kennamuu kan danda'udha. Qorumsi kun barattoonni waan barsiifaman tokko hammam akka hubatan adda baasuuf akkasumas beekuuf qorumsa laatamudha. Kun qabiyyee barnootaa kenname keessaa kan hubannoo barattootaa madaala jennu adda baasuun qopheessinee kan ittin madaalludha jedhu Santrock (2004, f. 93) fi Heaton,(1991, f. 14). Kana malee, qorumsi milkaa'inaa kan dandeettii gabbisuufi beekumsa dabaluu danda'udha. Kun akkaataa fudhatama qabuun qophaa'uun dandeettiiwwan afaaniifi beekumsa murtaawaa daree keessatti barsiifame kan madaaludha. Waan barattoonni sadarkaa tokkotti barataniifi sagantaa baruufi barsiisuu barnootichaan walqabatee jiru giddu-galeeffachuun kan raawwatamu ykn qophaa'ee kennamudha. Dandeettiiwwan barsiisaniifi adeemsa baruufi barsiisuu ittiin barsiisaa turan fuulleffachuu wayita qophaa'u, akka barattoonni dandeettiiwwan afaanii barachaa jiran beekuuf dhimmaniifi beekumsa barbaadan bira gahan taasisa Hawai (1999, f. 13). Madsen (1983, f. 8) dabalata yaada kanaa yeroo ibsu, qorumsiifi barsiisuun adda bahanii kan mul'atan miti. Qormaanni akkaataa barbaachisuun qophaa'uun adeemsa baruufi barsiisuu kan si'oomsuufi qaawwa jiru mul'isu, barattoota koorsii dhihaate tokko baratan dammaqsuufi sadarkaa isaan ittiin waan baratan hubatan adda baasuuf kan gargaarudha. Kana immoo adeemsa barsiisaa jirru keessatti taasisuun raawwachuu nidandeenya.

Itti dabaluun, qorumsi milkaa'inaa kallattiidhaan koorsii ykn qabiyyee barnootaa kenninetti kan dhihaatudha. Kaayyoon qormaata kanaa, barattoonni hammam akka koorsii baratan hubatan beekuuf, gareen barattootaa barnoota afaanii hordofaa jiran hubannnoo eegamu akka argatan taasisuufi koorsiin laatame kaayyoo kaawwame bira gahuu isaa hubachuuf kan laatamudha. Qorumsi kun erga koorsii ykn qabiyyee tokko barsiifnee laatamuun hammam akka barattoonni waan baratan sana hubataniifi adeeemsi baruufi barsiisuu ittiin laatamaa jiru bu'aa qabeessa akka

ta'e kan ittiin adda baasanidha. Qorumsi milkaa'inaa kallattiin waan daree keessatti barsiifame, qabiyyee boqonnaatti qoodamee latame, sirna barnootaa akkaataa barsiisuu tokkoof qophaa'e irratti hundaa'uun kan qophaa'udha. Kaayyoo koorsii tokkoof qophaa'e irratti hundaa'uun kan barattoota koorsicha fudhatan ittii madaalludha, Hughes (2003, f. 13).

## 2.7. Ulaagaalee Madaallii (principles of Assessment)

Ulaagaan madaallii afaanii hedduun akka jiran hayyoota waa'ee madaalli barnoota afaanii irratti barreessaniin yeroo qormaata qopheessuu, bulchiinsa qormaataa fi soroorsuu akka barbaachisu ibsaniiru.

Bachman fi Palmer (1996, f.38) ammoo ulaagaa madaallii 6 akka jiran yeroo ibsan "Reliability, construct Validity, Authenticity, interracyiveness, impacy and Practicality" jechuun kaa'u. Akkasumas Brown (2004) Madaalliin Afaanii tokko yoo xiqqaate ulaagaalee shan asii gaditti tarreeffaman guutuu akka qabu ibsee jira. Qabatamummaa (Practicality), Dhugoomina (Reliability), Sirrummaa (Validity), Mirkana'ummaa (Authenticity) Duubdeebii (Flashback) qabaachuu akka qabu kaa'a.

Qorataan qorannoo kanaas kan Brown kana shanan keessaa mata duree koo waliin nideema jedhee waanana yaadeef; Yaadolee hayyuun kun olitti ibse kanneen keessaa Sirrummaa (Validity) irratti xiyyeeffachuun haala gadiin yaada hayyotaa dhiyeesseera

### 2.7.1. Sirrummaa (Validity)

Sirrummaa qormaataa ilaalchisee, Brown, (1996, f.231) irratti yoo ibsu "validity refers to a means of cheking atest weather it measures the intended learning outcomes or 'what it claims, or parports,to be measuring ." jedha. Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, Sirruummaan qormaataa yeroo baay'ee qabiyyee barattoonni baratan, sadarkaa barnoota fi muxannoo barattootaa waliin walisimuufi walsimuu dahabuu isaat ilaallata. Kanaafuu sirruumaan qormaataa kan mirkanaa'u; Qormaanni tokko waan qoruu barbaanne yoo qoruu danda'e, Qabiyyee barumsichaafi kayyoo barnootichaa waliin kanwalsimu yoo ta'e akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Bachman (1990) fi Brown (2004) ammoo sirrummaan madaallii qulqullina barnootaaf baay'ee barbaachisaa akka ta'etti ibsaniiru. Barattoonni qoraman qormaata sirrii dha jedhanii kan fudhatanifi kan itti gamadan yoo ta'e, Qorumsi kan laatamu adeemsa baruufi barsiisuu taasifame keessatti barattoonni waan

baratan hammam akka milkaa’an ykn waan baratan hubatan adda baasuuf kan laatamudha. Barsiisaan barattoota isaa wayita barsiisu kaayyoofi akkaataa kaayyoo qabatee ka’e ittiin galma geessisu, mala barsiisuu, silabasii qabiyyee barsiifamu qabateefi qabiyyee adda bahaa silabasii kanaan walsimu qabatee argamuun kan barsiisudha. Kana immoo galma gahisa isaafi hubannoo barattoonni irraa argatan adda baasuuf qormaata gosa adda addaa jiran kana keessaa filatee barattoota isaa qora. Barattoonni waan hubachuu qaban hammam akka hubataniifi malli baruufi barsiisuu filatame bu’aa qabeessa ta’uu isaa adda baafatee akka deemuuf kan barsiisa isaa gargaarudha.

Heaton (1991, f. 6) qormaanni bifa gaariin qophaa’ee daree keessatti laatamu hir’ina adeemsa barsiisuu keessa jiruufi dareen barsiifamu qabu gargar baasuuf kan gargaaru aka ta’e ibsa. Akkasumas, hubannoo barataan waan barate irratti qabuufi hirmaannaan isaa hammam akka ta’e bira gahuuf nideeggara jedha.

### *2.7.1.1. Sirrummaa Qabiyyee Qorumsa Afaanii*

Sirrummaan qabiyyee qorumsa afaanii gosoota ga’umsa qorumsa afaanii keessaa isa tokkodha.Yaada kana Hughes (1989, f.22) yoo ibsu,

> *A language test is said to have content validity if its content constitutes a representative sample of the language skills, structures, etc. with which it is meant to be concerned. It is obvious that a grammar test, for instance, must be made up of items testing knowledge or control of grammar. But this in itself does not ensure content validity. The test would have content validity only if it included a proper sample of the relevant structures, jedha*.

Yaadna hayyuu kanaarraa akka hubatamutti, qorumsi afaanii tokko ga’umsa qabiyyee qaba kan jedhamu yoo qabiyyeen qorumsichaa caasaalee, dandeettiiwwaniifi caacculee faanii qoramuun barbaadame bakka bu’edha. Fakkeenyaaf, qorumsi seerlugaa gaaffilee seerlugarratti xiyyeeffate qabaachuutu irraa eegama. Haata’u malee, kun qofti mataan isaa ga’umsa qabiyyee qorumsa afaanii hinmirkaneessu. Sababni isaas qorumsi tokko ga’umsa qabiyyee qabaachuu kan danda’u yoo caasaalee qabiyyee barumsicha bakka bu’u qabaate qofaa akka ta’e hubachiisa.

Gabaabumatti, yaada olii kanarraa kan hubatamu ga’umsi qabiyyee qorumsa afaanii kaayyoo barnoota afaanii qorumsi sun qophaa’eef bakka bu’uu yoo danda’e gahumsa qabiyyee qaba jechuu akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

#### 2.7.1.2. Madaallii Sirrummaa Qabiyyee Qorumsa Afaanii

Qarumsi afaanii tokko faayidaa irraa eegamu akka argamsiisuuf, sirrummaa qabiyyee qabaachuu isaa madaaluun barbaachisaa dha. Haala madaallii qabiyyee qorumsaa irratti beektonni yaada garaa garaa kennu. Akka Hughes (1989, f.22) ibsutti:

> *In order to judge whether or not a test has content validity, we need a specification of skills or structures etc. that it is meant to cover. Such a specification should be made at a very early stage in test construction. A comparison of test specification and test content is the basis for judgments as to content validity. Ideally these judgments should be made by people who are familiar with language teaching and testing but who are not directly concerned with the production of the test in question.*

Kana jechuun qorumsi tokko sirrummaa gama qabiyyee qabaachuufi dhiisuu isaa madaaluuf dandeettiiwwan yookiin caasaalee murteessoo qorumsichi hammachuu qabuu nu barbaachisa. Dandeettiiwwan yookiin caasaalee murteessoo akkasii kun osoo qorumsichi hinqophaa'iin dursee qophaa'uu qaba. Kunis gabatee murteessituu qorumsaa jedhama. Gabatee murteessituu qorumsaafi qabiyyee qorumsaa waliin dorgomsiisuun qabiyyee qorumsaa madaaluuf bu'uuradha. Akka yaadaatti madaalliin kun namoota afaan barsiisuufi qorumsa afaanii qoruurratti muuxannoo qabaniin, garuu gaaffilee qorumsichaa qopheessuu keessatti kan kallattiin qooda hinfudhanneen raawwatamuu qaba. Kanaaf, madaalliin ga'umsa qabiyyee qorumsa afaanii kan geggeeffamu, qabiyyee murteessituu qorumsaa qophaa'e qabiyyeefi kaayyoo barumsichaan waliin dorgomsiisuudhaani.

#### *2.7.1.3. Tooftaalee Qorumsa Sirrummaa Gama Qabiyyeen Qabu Qopheessuuf Gargaaran*

Tooftaalee qorumsa sirrummaa gama qabiyyee qabu qopheessuuf gargaaran ilaalchisee Brown (1996) yommuu ibsu,

- Dursa waan qorumsichi madaaluuf qophaa'u murteessuu; Kana jechuun waan qorumsichi safaruu barbaadu dursanii adda baasuu;
- Gaaffilee waan madaaluun barbaadamu sana madaalu qopheessuuf murteessuu;
- Itti aansuun qabiyyee qorumsichi ofkeessatti qabachuu qabu karoorsuufi qindeessuudha. Akkasumas, hanga tokkoon tokkoo qabiyyee kanaa qorumsicha keessatti hammatamuu qabuu murteessuu;

- Kana malees, gabatee murteessituu qorumsaa qopheessuudha. Gabatee murteessituu qorumsaa gaaffilee amanamaafi sirrummaa qabu qopheessuuf akka gargaaru; ibsee jira.

walumaagalatti, qabxiilee armaan olitti tarreeffaman irraa kan hubatamu, tooftaaleen qorumsa sirrummaa gama qabiyyeen qabu qopheessuuf gargaaran kaayyoo qorumsichi qoramuuf barbaadamu adda baasuu, gaaffilee kaayyoo kana galmaan ga'uu danda'an qopheessuuf murteessuu, qabiyyee qoramuun barbaadame murteessuun qindeessuu, dhumarratti gabatee murteessituu qopheessuun qorumsa qophaa'e tokko gabatee kanaan waliin waldorgomsiisuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

## 2.8. Qormaata Sirrummaa Gama Qabiyyeen Qabu Qopheessuuf Qabxiilee Xiyyeeffannoo Argachuu Qaban

Barsiisaan tokko waan barsiiserratti barattootasaa yeroo madaaluu barbaadu qabxiileen xiyyeeffannoo argachuu qaban jiru. Isaanis, qormaatichi maal madaaluuf akka ta'e addaan baasuuf nimala. Yaada kana Sue M. Legg, (1991, f.3) irratti Bloom (1956) wabeeffachuun ibsutti qormaatni qophaa'u yeroo sadarkeeffamu iddoo ja'atti: Beekumsa (knowledge), Hubannoo (comprehension), Yaaluu (applicaation), Qaaccessuu (analysis), Walitti fiduu (synthesis) fi Madaaluutti (evaluation) akka qoodamu ibsee jira. Kunis wantoota gurguddoo garaagaraarratti hundaa'uun kan qoodamu yommuu ta'u qorataan qorannoo kanaas qabxiilee Sue M. Legg, (1991,f.4) irratti Gronhund (1970) Taaksoonoomii Bloomsi qindeesse dhiyeesse wabeeffachuun ibse akkaataa armaan gadiitti afaan oromootti madaqsuun dhiyeesseera.

## A. Beekumsa (knowledge)

Wantoota duraan baratan wantoota haqa waliigalaa, jechootaafi yaad-rimeewwan barataman beekuudha. Isaan kanaaf, gaaffileen madaallii qophaa'an eenyu, maal, yoom, maaliif, eessa, isakami, filadhu, barbaadi, attamitti ibsi, tarreessi, firoomsi, maqaa dhayi, waliin madaali, himi, yaadadhu, adda baasi kanneen jedhan jechoota ijoo beekumsaa ta'aniidha. Jechootni armaan olitti eeraman kuni beekumsa madaaluuf kanneen gargaaraniidha.

Gaaffileen beekumsa madaaluuf qophaa'an:

## B. Hubannoo (comprehension)

Taaksonomiin Bloom sadarkeessuu lammaffaa keessatti hubannoo kaa’a. Kanaanis, baratan haqaafi yaadota sirneessuun, waliin madaaluun ibsuu, yaada ofii kaa’uufi ijoo yaadotaas kan ittiin adda baasuudha. Jechootni ijoo taa’anis: waliin madaaluu (compare), waliin dorgomsiisuu (contrast), agarsiisuu, hiikuu (interpret), ibsuu babal’isuu, walbira qabuu, yaada ofiin keessa deebi’uun ibsuu (rephrase), jijjiiruu, cuunfaa qopheessuu (summarize), agarsiisuu (show) fi kannen qoqqooduun walfakkaatan walitti fiduu dha.

## C. Yaaluu (application)

Seeraafi seerlugarratti hundaa’uun beekumsa horataniin gaaffilee hojii barbaadan salphisaanii yaaluudha.Kanas, seera ittiin hundaa’uun tarsiimoo garagaraan gaaffilee hojjechuudha. Jechootni ijoo gaaffilee yaalii qopheessuuf gargaaran: ittiin hojjechuu, ijaaruu, filachuu, dagaagsuu, itti hojjechuuf karoorsuu, salphisuu, adda baasuufi k.k.f dha.

## D. Qaaccessuu (analysis)

Yaadota gurguddoo iddoo xixiqqaatti caccabsuun waan qabatamaa ta’eef yaada deggersaa kennu. Gaaffilee xiinxala kanaaf jechootni oolan: Xiinxaluu, gareen adda fo’uu, abuuruu, adda diiguu, fakkeenya, sakatta’uu, madaaluu, adda baasuu, dhaamsa, hariiroo, faayidaa, onnachuu, tilmaamuu, yaaduu, hubannoo, hirmaachuufi k.k.f.dha.

## E. Walitti Fiduu (synthesis)

Yaadota garaagaraa walitti fiduun haala garaagaraan sagaloota walitti fiduun hiika argamu raaguudha.Askeessatti wantoota akka elementootaa walitti makuun waan haaraa argachuu keessattis nigargaara.Jechootni ijoon gosa qormaataa kanaa qopheessuuf gargaaranis, ijaari, filadhu, walitti fidi, dabali, gurmeessi, yaadi, argadhu, karoorsi, raagi, ibsi, fooyyessi, xiqqeessi, baballisi, madaaliifi k.k.f.dha.

### 2.9. Sakatta’a Qorannoo Walfakkii

Biyya keenya keessatti barnoota afaanii irratti qorannoo geggeeffaman keessaa yeroon qorannoo kana geggeessuuf qorannoolee sakatta’aa turetti kan mata duree qorannoo koo kanaan wal fakkaatan isaan armaan gadii kana dubbiseera.

Juwaar (2007) “qaaccessa gahumsa qabiyyee qormaata guutuu biyyaa xumura kutaa 10 barumsa Afaan Oromoo (2006) kitaaba barataafi siilabasii irratti hundaa’uun geggeeffame.” Qorannoon kunis walitti dhufeenya kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa fi qabiyyee qorymsichaa sakatta’uun kan geggeeffamedha. Bu’aan argames xiyyeeffannoon qabiyyee sun kitaaba barataa keessatti qabuu fi qorumssicha keessatti qabu wal hinmadaalu.

Bahaaruu (2008) akkaataa itti barsiisotni madaallii walitti fufaa barnoota Afaan Oromoo keessatti hojiirra oolchan xiinxaluu kan jedhu yeroo ta’u, kaayyoon qorannoo isaa barsiisonno Afaan oromoo barsiisan malleen madaallii akkamii akka fayyaadaman keessumaayyu madaallii gochaa ammam akka hojiirra oolchan xiinxalu kan jedhudha. Kunis qorannoo ani geggeesse faana walfakkeenyi isaa mala qorannichi ittiin geggeeffameefi dhimma madaallii Afaan Oromoo kan xiyyeeffate yeroo ta’u, garaagarummaan isaa ammoo kaayyoo qorannichaafi bakka akkasumas bakkaafi kutaa qorannichi irratti geggeeffameen addaa addummaa qaba.bu’aan qorannoo isaatiis, hanqina qabaachu isaati.

Jeeyilaan (2007) “Qaaccessa Gahumsa Qabiyyee Qormaata Guutuu Biyyaa Xumura Kutaa 10 Barumsa Afaan Oromoo (2006) Kitaaba Barataafi Siilabasii Irratti Hundaa’uun Geggeeffame.” Qorannichi walitti dhufeenya qabiyyee, siilabasii, kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa fi qabiyyee qorymsichaa sakatta’uun kan geggeeffamedha. Bu’aan argames faca’ina dandeettiiwwan afaanii siilabasiifi kitaaba barataa garaagarummaa akka qaban, qabiyyeen qormaata keessatti dhiyaatanii siilabasiifi kitaaba barataa keessa akka hinjirre, gaaffileen gariin ammoo jechoota bakka tokko tokko qofaatti dubbatamanrratti kan xiyyeeffate ta’uu isaati. Akkasumas qorumsichi gaaffilee srrrlugaafi beekumsa jechootaa irratti kan xiyyeeffate ta’uu isaati.

Girmaa **(**2011/2018) “xiinxala gosoota madaallii barnoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaa barsiisotni gargaaraman” kan jedhu yeroo ta’u godina wallaggaa Lixaa Aanaa Gimbiitti manneen barnootaa filataman irratti kan hojjetame yeroo ta’u xiyyeeffannoon isaa kitaaba barataafin siilabasii irratti hundaa’uun geggeeffame. Qopheessan irratti ta’uun isaa adda isa taasisa. Hubannoo fi beekumsa barsiisotni qormaata qopheessuu irratti qaban qabiyyeelee lakkoofsa kitaaba barataafi gilgaalota kitaaba barataa keessatti kennamu waliin akka walsimu hubachuuf sakatta’uu kanjedhudha. Kanas mala ibsaa qaaccessa to’annoon kan hojiirra oole yoo ta’un qormaata barsiisotni qopheessan kan hanqina qabu ta’uu isaati.

Xibabuun (2008) qorannoo mata duree qorannoo ani geggeessuuf deemu kana waliin kan walitti dhiyaatu yoo ta'u, kaayyoon qorannoo isaa Moodela qormaata Afaan Oromoo kutaa 10 bara 2007 hojiirra oole ga'umsa qabiyyee qabaachuuf dhiisuu isaarratti kan geggeeffame ta'ee; mala ammamtaafi akkamtaan kan geggeeffame yoo ta'u qorannoo ani geggeesse waliin walitti dhiyeenya qabaatus garaagarummaan isaa qorannoon koo kun qormaata (madaallii) barsiisaa dareedhaan qophaa'u irratta ta'uun isaafi bakki qorannichi itti geggeefame irratti.

Kayo Yoshida' dhaan biyya Jaappanitti mata uree "Theoretical frameworks of testing in SLA: Processing perspectives and strategies in testing situations**"** jedhuun bara (2006) kan geggeeffame yoo ta'u ilaalchota qorattoota adda addaan kenname xiinxaluun ifa baasuu irratt laatame dha. Kunis kallattiimaan qorannoo ani geggeessuuf deemu waliin kan wal argu yoo ta'uu baatullee, adeemsa qormaati afaanii gaariin tokko ittiin qophaa'uu qabuufi tooftaa qophii qormaataa waan heeruuf walfakkii waan qabuuf fudhatame.

Walumaa galatti qorannooleen geggeeffaman kun kan Kaayo Irraa kan afe walitti dhufeenya kitaaba barataafi qabiyyee waliin madaalliin qabu irratti kan xiiyyeeffatan yoo ta'u; qorannoo kanarraa addaaddummaa isaan qaban gahumsa qormaata biyyoolessaa irratti yoo ta'u kan qorataa kanaa immoo qormaatni barsiisotni kutaa keessatti qopheessan qabiyyee kitaaba barataa faana akka walsimu xiinxaluudha.

## 2.9. Gabatee Murteessituu Qorumsaa

Gabateen murteessituu qorumsaa "test blueprint" kun ayyuleen garaagaraa karaa addaa addaa yaada isaanii ifoomsaniiru. (2004.f. 10) barattootni kaayyoleefi dandeettiiwwan qoramuu qaban hamma qabxii qabchuu qaban adda baasuun haala mijeessa. Akkasuma qabiyyee meeshaa qormaatichi irraa qophaa'uu waliin walmadaalchisuun iddatteeffamuufi sadarkaa kaayyolee ammatamuu qabuu meeshaa nuu mirkaneessudha jedha. Itti dabaluun Fivesfi Barnes (2013) waa'ee gabatee murteessituu qorumsaa ilaalchuisee; barsiisotni kaayyoo, qajeelfamaafi madaallii isaanii akka qajeelfataniif ganatee tajaajilu akka ta'e eera.

Yaada beektota kanaarraa akka hubatametti qophii qorumsaa keessatti gabateen murteessituu qorumsaa meeshaa baay'ee barbaachisu ta'uu isaati. Gabateen murteessituu qorumsaa kun wixinee gaaffilee qorumsaa irraa qophaa'udha. Kanaafuu qaamni qormaata qopheessu gabatee murteessituu qorumsaa qabaachuun kaayyoo qorumsichi barbaade galmaan ga'uuf baay'ee murteessaadha.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Mala Qorannichaa

Boqannaa kana keessatti wantotni ka'an addeemsa qorataan qorannoo kanaa karaa saayinsaawaa ta'een tooftaa inni itti dhimma ba'e jechuunis, qorannichi mala qorannoo maaliin akka geggeeffame? Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaaname, akkamittiin funaaname?, odeefkennitootni eenyufa'ii? Mala maaliin filataman?, Odeeffannoon kennames haala kamiin akka qaacceffameefi ibsame, haala walii gala qorannichaa bakka itti karoorfamedha.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Akaakuuwwan qorannoo ragaawwan maddoota irraa argaman qaaccessuuf qorataan itti fayyadame qorannoo makaadha. Kunis mala akkamtaafi mala qorannoo ammamtaa fayyadamuudhaan kan raawwaatamedha. Sababni qorataan qorannoo kana keessatti mala kana fayyadameefis ragaaleen lakkoofsaafii jechaan ibsaman walmakanii qorannicha keessatti waan dhiyaataniifidha. Kunis oddeeffannoon sanadarraa jechaan waan barraa'ee taa'e gosootni qabiyyeefi baayyinni qormaataa jechaafi lakkoofsaan waan dhiyaatuuf malli makaan qorannoo kana keessatti dhiimma itti bahedha.Kana akka Addunyaan (2011, f.15) irratti ibsetti "meshaaleen odeeffannoon makaa ittiin funaanamuu danda'a sakatta'iinsa barruu, marii garee xiyyeeffannoo, afgaaffiifi waana kana fakkaatan ta'a." jedha.

Yaaduma olii kana deeggaruun, Dastaan Marietjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun qorannoo akkamtaa geggessuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, afgaaffii, sakatta'uufi meeshaalee arga dhageettii fayyadamuun akka danda'amu ibsee jira. Qrannoo qorataan geggeesse yaada olitti ka'e faana waan wal qabatuuf mala akkamtaatti akkan fayyadamu ta'e. Akkasumas, qorannoo kana keessatti mala ammamtaas akkan fayyadamu wanti nataasise odeeffannoon kallattii garaagaraan walitti qabe gara lakkoofsaatti jijjiiruun koo waan hin afneef mala kanatti fayyadamuun koo dirqama natti ta'e jechuudha.

## 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannichaa mana barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti Barsiisota Afaan Oromoo kutaa 9-12 tti barsiisaa jiran hunda irratti dha.

### 3.3. Mala iddatteessuu

Qorannoon kun kan geggeeffame mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun kan geggeeffamedha. Sababni isaas, dhimmi qormaata qopheessuufi baruufi barsiisuu kallattiimaan barsiisota Afaan

Oromoo barsiisaa jiran ilaallata. Kanaafuu odeeffannoon isaan irraa argamu galma ga'insa qorannookoof gumaacha ol aanaa qaba jedhee waanan yaadeefi. Yaaduma kana deeggaruun Fileen (2019, f.68) Singth (2006) wabeeffachuun akka ibsetti iddatteessuun akkayyoo kan qorataan dhimma mata duree filatamee irratti kaayyookoo galmaan naaf ga'uu danda'a jedhe irratti hundaa'ee murteessuu danda'u akka ta'e ibsa. Kanumarraa ka'uun qortaan qorannoo kanaa barsiisota mana barmsaa sadarkaa lammaffaafi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti Afaan Oromoo barsiisan mara mala iddatteessuu akkayyoo kan itti gargaaramedha jechuudha. Mala kanaanis barsiisota dhiiraa ja'a qorannoo kan keessatti qooda fudhataniiru.

### 3.4. Madda Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf mada ragaa qoratan fayyadame madda ragaa tokkoffaafi lammaffaati. Kunis barsiisota qormaata barsiisaadhaan qophaa'an mana barumsaa qorannoon kun irratti geggeeffametti gaaffii qopheessan kanaaf kallattiin dhiyaata waan ta'eef madda ragaa tokkoffaa ta'a jechuudha. Maddi ragaa lammaffaa ammoo kitaabilee barnootaa kitaaba barattootaa Afaan Oromoo walsimachuufi dhiisuu isaa walcinaa qabuun kan odeeffannoo irraa fudhatamedha**.**

## 3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Qorannoon qorataan adeemsa walsimannaa kenniinsa madaalliifi qabiyee kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa lamaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaana kutaa 9-12 keessatti kan bara 2011fi2012 xiinxaledha. Kana galmaan ga'uuf ammoo cheeklistii qopheessuun sakatta'a dokimentii, afgaaffiifi mariigaree xiyyeeffannoon odeeffannoon funaaname.

### 3.5.1. Sakatta'a Dokumentii

Qorannoo haqa qabeessa ta'e geggeessuuf odeeffannoo qabatamaa ta'e argachuun barbaachisaadha. Kun immoo ta'uu kan danda'u akkuma amla qorannoo sanaatti odeeffannoon madda adda addaa irraa funaanama. kanneen keessaa barruu (dokimenii) irraa odeeffannoo fudhachuun akka danda'amu Fileen ( 2019,ff. 84-85) meshaalee odeeffannoon walitti qabaman keessaa qaaccessi barruu isa tokko akka ta'e ibsuun kanas kallattii lamaan itti fayyadamuun akka danda'amu ibseera. Isaanis tokkoffaan qorannoo madaallii (evaluation) yommuu ta'u inni lammaffaan ammoo qorannoo qeeqa barruulee geggeessuuf akka ta'e ibsa. Qorataanis qorannoo isaa kana keessatti qormaaata barreeffamaa barsiisotaa daree mana barumsaa sadarkaa

lammaaffaafi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa qorannoodhaaf filatame kana keessatti barsiisaniin qophaa'aniifi qabiyyee kitaaba barataa kutaa eerameerratti dhiyaatan walcina qabuun wal madaaluufi dhiisuu isaa addaan baasuuf sakatta'a dokumentiitti fayyadameera.

### 3.5.2. Afgaaffii

Afgaaffiin mala ittiin odeeffannoon funaanamu keessaa tokko tae'ee kan qorataafi odeef kennitootni kallattiin fuulaa fuulatti wal arganii odeeffannoon afaaniin kan kennamudha. Saxaxa qorannoo adda addaa keessatti afgaaffiin gosa adda addaatiin qophaa'uu akka danda'u Fileen (2019, f.71) Domyei (2007, ff.122-123) wabeeffachuun afagaaffiin boca (form) bakka gurguddoo sadiitti akka qoodamu ibsa. Isaanis afgaaffii durfamee itti karoorfame,  akka ta'an ibsa. Kanneen keessaa qorataanis qorannoo isaa keessatti gaafilee bu'uuraa qorannichaa deebisuuf wanti quubsaa hinta'iin afan yoojiraate dhimma itti bahuuf mala funaansa odeeffannoo kanaatti fayyadame. Kunis kallattiimaan barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran af-gaaffii caaseffamaa gaafachuun qulqulleeffachuuf qorannoo kana geggeesse.

Sababa qoratichi af-gaaffii caaseffamaa filateeffis akkuma Filee (2019, f.73) "Afgaaffiin caaseffamaa af-gaaffilee qorannoo dursa itti karoorfamee qophaa'e gaafatamtoota dhuunfaaf dhiyaatu yommuu ta'u, gaaffileen kunniinis kallattii mata duree qorannoo irratti xiyyeeffatanii gaaffilee bu'uuraa deebisuudhaaf kanneen qophaa'anidha." Jedhu ka'umsa godhachuun gaafilee bu'uuraa deebisuuf sakatta'a dokumentii irratti dabaluun, qorannicha amanamaa gochuuf gaaffilee itti karoorfamanii qophaa'an kan barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaniif gaaffii qorannoo lammaffaa deebisuuf wantotni gufuu walsimannaa qophii qormaataafi qabiyyee ta'an sakatta'a dokimentii keessaa waan hinargamneef meeshaa odeeffannoo filatamee dhiyaatedha.

### 3.5.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Qorannoo kana keessatti mariin garee barbaachisaadha. kunis akka Fileen (2019,f.75) Tayie (2005,f.121) wabeeffachuun ibsetti saxaxa qorannoo makaa keessatti mariin garee barbaachisaa akka ta'eefi kallattii adda addaan namoota kallattii mata duree qorannoo sanaan muuxannoo qaban lakkoofsaan ja'aafi kudhan gidduu ta'an irraa kallattiin fuulaan walarguun kan odeeffannoon irraa funanaanamu akka  ta'e ibsa. Qorataanis qorannoo isaa kana keessatti mariin garee addatti gaaffii qorannoo sadaffaa deebisuuf waan ta'eef gaaffii biroo barsiisotuma iddatteeffaamaniif barsiisota Afaan Oromoo barsiisan mana barumsaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa'inaa Giddaa Ayyaanaatti kutaa 9$^{ffaa}$tii -12$^{ffaa}$tti Afaan Oromoo barsiisan ja'an hundatti mala iddatteessuu akkayyootti

fayyadamuun odeeffannoo walitti qabadhrrea.barbaachisummaan isaas haala itti fayyadama gabatee gahumsa qormaataafi haala qophii qormaataa irratti marii geggeessuu gaaffii qorannoo sadaffaaf odeeffannoowalitti qabachuuf kan kaayyefate kan filatamedha. Sabani isaas odeeffannoo hanqate guuttachuuf kan filatamedha.Akkasumas qormaanni mana barumsaa kana keessatti qabiyyeefi kaayyoo barumsichaa waliin akka walsimee hojiirra oolu gochuuf mala akkamii akka fayyadamaa jiraniif yookaan haala qophii walii gala qormaataa irratti marii geggeessuun qulqulleeffachuuf itti fayyadame.

## 3.5. Adeemsa Ragaalee Funaanuu

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf qorataan kun yeroo qorannoo kana geggeessu adeemsa inni hordofe, jalqaba irratti sakatta'a dokumentii adeemsise. Sakattaani kunis qormaata barsiisotaan qophaa'e walitti qabate. Itti aansuun qabiyyee kitaaba barataa irratti dhiyaatan hunda qaaccesse. Erga dokumentii sakatta'ee booda barsiisota iddatteefamaniif afgaaffii dhiyeessuun hanqina mullateef ragaa walitti qabate.  Dhumarrattis marii garee xiyyeeffannoo geggeessuun odeeffannoo walitti guurrate.

## 3.6. Mala Ragaa qaaccessa Qorannichaa

Qorannoon kun, kan geggeeffame haariiroo walsimannaa madaallii barnoota Afaan Oromoofi qabiyyee kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12tti jiru xiinxaluudha. Kanas adeemsa xiinxala harooroo jijjiiramtoota lama gidduu jiru xiinxaluu ilaalchisee Adduynaan (2012, f. 63) yeroo ibsu:

> *Maalirroon, hariiroo dhimmoota lama jidduu jiru mala ittiin xiinxalamu bakka buusuuf jecha uumamedha.Yaadrimeen isaas, jijjiiramtootni walitti dhufeenya akkamii akka qabaniifi sadarkaa walitti dhufeenya isaanii maalirra akka jiru kan ittiin qo'atamudha. Haaluma kanaan, 'ammana walitti dhiyaatu; walirraa fagaatu' jechuun ibsama. Odeeffannoon dhimma kanaaf ta'u jechaan, lakkoofsaafi lamaaniinuu waan danda'amuuf, odeeffannoo akkamtaa, ammamtaafi makaa bu'uura taasifata jechuudha.*

Kanuma irraa ka'uun, qorat90aan qorannoo kanaas odeeffannoo sakatta'a dokumentii, afgaaffiifi marii gareen walitti qabame kana walsimannaa kenniinsa  madaallii fi qabiyyee barnoota afaan Oromoo kutaa 9-12tti jiran jijjiiramtootni kun lamaan jechuunis madaalliin barsiisotaan qophaa'eefi qabiyyeen barnootaa kitaaba barataa irratti ifaan lafa taa'ee jiru mala qaaccessa

qorannoo maalirroo (correlation) tti fayyadamee jechaafi lakkoofsaan hanga walitti dhiyaataniifi walirraa fagaatan wal cinaa qabuun ibsuun kan hojiirra oole dha. Adeemsi raga kana xiinxaluus kan lakkoofsaa dhibbeentaan(100%) baasuun jechuunis dhibbeentaa=a/b x 100.ta'a. kunis qabiyyeen kitaaba barataa bifa Kanaan yommuu hojjetamu qabiyyee barnootaaf dhiyaate hunda walitti guuruun gosa gosa isaaniitti erga addaan qoodamee booda baay'ina walii galaaf hiramuun dhibbaan baayyatee dhibbeentaan baha jechuudha. Fakkeenyaa, dhaggeeffachuu qubee "DH" yoo bakka buufne qabiyyee walii gala kitaabichaa ammoo qubee "W" bakka buufne dhibbeentaa argachuuf DH/Wx100= dhibbeentt(%) jechuudha. Kan qabiyyee qormaataas bifuma walfakkaatuujshallagamee walbira qabuun walsimachuufi dhabuu isaa xinxalama jechuudha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti xiinxala hiika ragaaleefi argannoowwan xiinxala barruu kitaaba barattoota barnoota Afaan Oromoofi qormaata barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniin barattoota kutaa 9-12 bara 2011 seemisteera tokkoffaafi lammaaffaatii hnga bara 2012 seemisteera tokkoffaatti qophaa'e; akkasumas, barsiisota irraa meeshaalee funaansa ragaatiin argamanituu dhiyaate. Kunis odeeffannoowwan sakatta'aa barruu, af-gaffiifi marii garee xiyyeeffannoo gargaaramuun walitti qabate. Ragaalee kanneen haala walitti dhiyeenya qabaniin qindeessuun xiinxalamanii jiru. Haaluma kanaan hirmaattota qorannoo irraa oddeeffannoo argachuuf xiinxalli kitaaba barataafi madaallii barnoota Afaan Oromooo, akkasumas, af-gaffileeniifi mariin garee xiyyeeffannoo barssiisotaaf dhiyaatan irraa odeeffannoon barbaachisaa ta'e erga funaanamee booda, odeeffannoowwan kanneen meeshaalee funaansa ragaatiin argaman ofeeggannoon haalan qaacceeffamanii jiru. Bifuma kanaan, qorannoon kun xiinxala kenniinsa walsimannaa madaallii barsiisota mana barumsaa Giddaa Ayyaanaa sadarkaa lammaffaafi Qqophaa'inaa Giddaa Ayyaanaatti Afaan Oromoo barsiisaniin qophaa'eefi qabiyyee kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12 xiyyeeffatee qophaa'etu dhiyaate.

Kanas galmaan gauuf qorattichi muuxannoo qaburraa ka'uun jalqaba sakatta'a dokumentii geggeesse. Itti haansuun rakoolee gama walsimannaa dhabuu madaalliifi qabiyyeetiin mul'atan maal maal akka ta'an addaan baasuuf madaallii barsiisaa dareedhaan qophaa'eef kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa afranii (9-12) walbira qabuun xiinxala geggeese.

Tooftaa olitti eerame kanaanis sakata'a kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaalee afranuu (9-12) boqonaalee dhiyaatan jalatti barannoo dhiyaatan mara tokko tokkoon sakatta'uu danda'eera. Kanaanis qabiyyeen barnoota afaanii kutichaaf ramadame dandeettiiwwan afaanii jiran mara lakkoofsaan kaawwamanii dhibbeentaan jijjiiramaniiru. Akkasumas, gama qormaata barreeffamaa barsiisotaan qophaa'an sakatta'uutinis kan seemisteera walitti aananii darban sadanii qabiyyee dandeettii afaanii kam akka qore; sakatta'a taasifameen addaan ba'ee gara lakkoofsaafi dhibbeentaatti jijjirrun adda ba'ee qoodameera. Akkasumas meeshaa sassaabbii odeeffannoo af-gaaffii caaseffamaa

geggeeffameen barsiisota mana barumsaa qorannoon kun irratti geggeffame irratti barsiisaniifi madaallii qoheessan maraaf akkasumas marii garee xiyyeeffannoo barsiisotuma qooda fudhattoota waliin taasifame irraa funaaname bu'uura godhachuun kan xiinxalli geggeeffamedgha.

Kanuma bu'uura godhachuun, walsimachuufi walsimachuu dhabuu madaalliifi qabiyyee barnootaa addaan ba'ee xiinxalameera. Akkasumas rakkoolee bira gahaman eeruuf xiinxala gaggeessee jira. Rakkoolee bira ga'amaniifis qoratichi yaada furmaataa eree jira.

## 4. 1. Mil'uu Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Fi Madaallii Barnoota Afaan Oromoo

Kitaabni Barnoota Afaan Oromoo Ministeera Barnootaan akka haaraatti fooya'ee bara 2005 maxxanfae. Baruma barnootaa kan keeessa haala gahaan ta'uu baatus manneen barnootaa afaan oromoo mara keessatti rabsamuu akka eegale qooda fudhattootni nidubbatu. Haaluma Kanaan kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf qorataan qabiyyeelee barnootichaa hunda barannoo barannoodhaan addaan baasuuf yaaleera. Adeemsa qabiyyee kitaabicha keessatti jiran mara addaan baasuuf barsiisotni hiriyyummaan walitti siqnuufi afaan oromoo barsiisan keessatti qooda fudhataniiru. Sababni hirmaannaa isaaniis akka dogoggorri qoodinsa qabiyyee hinmudanneef yaalameeti.Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti akka barataniif kan qophaa'edha. Kitaabni kun bara 2005 ALItti kan qophaa'edha. Addeemsa raga walitti qabuu keessattii kitaabileen 4nuu boqonnaafi qabiyyee qabaniin qoqqoodamaniiru.

Akkuma kitaabichi Kaayyoon barnoota afaanii (lannuage education) inni guddaan barattoonni afaan baratan sanaan hojjachuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uura (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii biyya keenyaas, meeshaalee ogummaawwan (dandeettiiwwan) kanarratti ga'umsa gonfachiisuun walqunnamtii barnoota afaaniifi jireenya hawaasummaa gargaaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf, tattaaffiiwwan taasifaman keessaa madalliin barnootaa isa tookkodha. Kunis meeshaa safartuu dandeettii dhuunfaa nama tokkoo adeemsa mataa isaa qabuun kan qophaa'uudha, (Bachman:1990)

Akka Brown (1994) ibsetti ammoo madaalliin (a test) mala safartuu haala raawwii (performance) dhuunfaa namni tokko barumsa ykn ogummaa damee tokko irratti qabu beekuuf kan gargaaru dha. Barataan tokko kaayyoo barumsa tokkorratti dandeettii horate ykn kaayyoo barumsa tokkoo galma ga'uu isaa beekuuf kan nugargaarudha. Kun ammoo madaalliin sirnaan qabiyyee barnoota dhiyaatee yookaan waan barattoota sana gonfachiisuu barbaanne gonfachuufi gonfachuu dhabuu isaanii addaan baasnee beekuu kan dandeenyu yoo madaalliin ofeeggannoon qophaa'e keessaan ilaalamudha.

Kanaafuu,  qorannoo kana keessatti qabiyyeen kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 9-12tti bara 2005 maxxanfamee hojiirra oole  boqonnaalee gargaaraa qabatanii barannoowwan adda addaa qabiiyyeewwan gargaaraa kanneen dandeettiiwwan afaanii, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, berreessuu hiika jechootaafi  caaslugaa akkasumas  ogbarruu hammachuun qophaa'ee jira.  Kanas Boqonnaa boqonnaadhaan addaan baasuun barannoo dhiyaate hunda adda baaseera.

Akkasumas madaallii barsiisota mana Barumsaa Giddaa Ayyaanaa sadarkaa 2ffaafi Qophaa'anii bara 2011 seemisteera tokkoffaafi lammaffafi bara 2012 seemisteera tokkoffaatti jiru qabiyyee isaan qabatanii ba'an qofaatti addaan baasuun kitaaba barataa sadarkaa sanaaf qophaa'e faana walsimee deemuuf dhiisuu isaa kan keessatti xiinxalamedha. Madaalliin barnootaa meeshaa ittiin odeeffannoo dandeettiifi gahumsa barataa ittiin sassaabbatanidha. Odeeffannoo madaalliidhaan argamu irraa malee gahumsa barattootni amma irra jiraniifi galma isaanii tilmaamuun wal madaalchisuun hindanda'amu. Kanaafuu madaalliin gahumsa barataa safaruuf, rakkoo jiru ittiin addaan baasuuf, mala barsiisuu murteessuuf  akkasumas bu'aa barnootaa madaaluuf kan gargaarudha. Kun ammoo, karaa saayinsaawaa ta'een ilaalamuu qaba. Kunis gabatee gahumsa qophii qormaataa fayyadamuun Kanneen keessaa beekamaadha. Kunis qabiyyeen, beekumsiifi dandeettiin qabiyyee kitaaba barataan irra jiru waliin walsimsiisanii qormaata qopheessuuf kan gargaarudha.

Qormaatni qorataan kenninsa walsimannaa madaallifi qabiyyee kitaaba barataaa barnoota afaan oromoo (2005) kutaa 9-12tti jiru kan seemisteera darbn  sadan (2011 seemisteera lamaaniifi 2012 seemisteera tokkoffaa ) irratti barsiisotni mana Barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa madaalliifi qormaata  qopheessan kan seemisteera sadanii mara sakatta'uun qabiyyee kitaaba barataa sadarkaa sanaaf ramadame faana walsimuufi dhiisuu isaa addaan baasee xiinxalame. Kanas, walcinaa qabuun kan sakatta'aman garaagarummaafi walsimannaa qabaachuu

jijjiiramtoota kana lamaanii (madaalliifi Qabiyyee barnoota) keessatti argame gabateewwan kanaa gadii keessatti boqnnaa boqonnaadhaan sakatta'iinsi gadhamee. Yaadni qaacceffamee jala jalatti ibsamee jira.

Boqonnaa kana keessatti xiinxalaafi ibsa ragaalee qorannichaatu taasifamee jira. Adeemsi xiinxalaafi ibsa ragaa kan gaggeeffamee, raga sakatta'a kitaabaa irraa argame gabatee madallii kitaabaa keessaatti qindaa'ee xiinxaluun akkasumas, ragaaleen bargaaffii barattootaa irraa argaman gosa gosaan erga lakkoofsaan kaa'amaanii booda dhibbeentaatti jijjiiramanii jiru. Kana malees, odeeffannoon afgaaffii marii garee barsiisotaa irraa argame of eeggannoodhaan ibsamee jira.

Malli ragaaleen ittiin qaaccessamanis ragaalee sakatta'a kitaabaafi qormaata barreeffamaa, afgaaffii fi marii garee barsiisota irraa argaman mala akkamtaan, ragaalee bargaaffii barattootaa irraa argaman ammoo, mala ammamtaan gargaaramuudhaan raawwatame. Ragaaleen hirmaattoota qorannoo karaa addaddaatiin funaanaman mala makootiin qaaccessamanii ibsamanii jiru.

## 4.2. Duubee Ragaa Kennittootaa

Seenduubee barsiisota iddatteeffanii ilaalchisee oddeeffannoo argachuuf af-gaaffiifi marii garee barsiisotaaf dhihaate jalqabarratti umuriifi sadarkaa barnoota isaanii unka odeeffannoo barsiisotaa mana barumsaa keessatti guutame irraa fudhatame gabatee gadii keessatti dhiyaateera.

**Gabatee (1) odeeffannoo baay'ina barsiisota odeeffannoo kennanii**

| Seenduuba deebii kennitootaa | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Umurii | Baay'ina | **koornayaa** | **Sadrkaa barnoota** | **Kutaa barsiisan** |
| 45 ol | 3 | Dhi. | MA | 11fi 12 |
| 35 ol | 3 | Dhi | MA | 9,10,11 |

## 4.3. Bu’aa Sakatta’a Kitaabaafi Madaallii Qophaa’e

Gabatee 2. sakatta’a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi Qormaata Barsiisotni Kutaa 9ffaa Mana Barumsaa Giddaa Ayyaanaa Sadarkaa 2ffaa Bara 2011fi 2012 Qopheessan Irraa Itiin Walitti Qabame.

| Lakk. | Qabiyyee | Hanga kitaaba barataa iraatidhiyaate | | Hanga qormaataaf dhiyaate | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | lakkoofsaan | 100(%)n | Lakkoofsan kan seem.sadii | 100(%)n |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 3 | 3.5 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 19 | 22.4 | 0 | 0 |
| 3 | Dubbisuu | 18 | 21.2 | 0 | 0 |
| 4 | Barreessuu | 16 | 18.8 | 5 | 2.57 |
| 5 | Caasluga | 16 | 18.8 | 116 | 59.79 |
| 6 | Jechoota | 3 | 3.5 | 32 | 16.49 |
| 7 | Ogbarruu | 9 | 10.6 | 29 | 14.94 |
| 8 | Kanbiroo | 1 | 1.2 | 12 | 6.18 |
| Wiliigalatti | | 85 | 100 | 194 | 100 |

Odeeffannoo gabatee olii irraa hubachuun kan danda’amu kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa bra 2005 maxxanfame boqonnaa 18 kan qabuuf barannoo 85 kan ofjalaa qabudha. Barannoo 85 dhiyaatan kanas lakkoofsaafi dhibbeentaan kaa’ameera. Akkasumas, qormaatni barreeffamaa barsiisaa dareedhaan qophaa’e kan seem. Sadii (2011 seem. 1ffaafi 2ffaa fi 2012 seem. 1ffaa) walumaa galatti qabiyyee qormaatichi qabate walitti ida’uun lakkoofsaafi dhibbeentaan (100%) jijjiiramee dhiyaateera. kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa (2005) kun qabiyyeelee barnoota afaanii warra bu’uuraafi kan biroo mara dhiyeessee jira.

Haata’u malee, akkataa sakatta’a qormaata barreeffamaa seemisteera walitti aanu kana sadanitti barsiisotni qopheessan irraa hubachuun danda’amutti; dandeettiiwwan bu’uuraa arfan

qopheessanii kan hinqorre ta'uu isaani hubachuun nidanda'ama. Dandeettiiwwan dhaggeeffachuu, dubbachuufi dubbisuun guutummaa guutuutti hinmadaalmne jechuudha.

2ffaan, qormaata barsiisonni qopheessanii qoraniifi kaayyoo qabiyyeen kitaaba barataa irratti jiru kan walhinsimne ta'uu meeshaaleen odeeffannoon walitti qabamame niheeru.Fakkeenyaaf, Dubbisa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootaa ittiin barsiisuuf mata duree "Afaaniif Faayidaa Isaa" jedhu keessatti amaloota afaanii dhiyeessee jira. Qormaatni barsiisotni qopheessan kan 2011fi 2012 seem. 1ffaa keessatti kaayyoo qabiyyeen kitaabaa dhiyeesseefi gaaffiin qophaa'e walhinsimu. Fakkeeynaaf, bara 2011 seemisteera 1ffaatti gaaffii xumura seemisteerichaatti qajeelfama dhugaa sobaa keessatti gaaffii "Dhalachuufi du'uun afaanii hiika maalummaa afaaniiti." Jedhutu qormaataf dhiyaate. Bara 2012tti ammoo qajeelfamuma walfakkaatu jalatti "Afaan ni ergifatama Nergifatas." . Aaffii jedhutu jira. Kanarraa kan hubatamu kaayyoon qabiyyee barnootaa boqonnaa kana jalatti dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu barsiisuuf kan dhiyate yoo ta'u gaaffii barsiisotni qoran ammoo beekumsa waa'ee afaaniiti. Kanaafuu, kenniinsi qormaata barsiisotni qopheessaniifi qabiyyeen kitaabaa walhinsimatne jechuun nidanda'ama.

Walumaa galatti, kitaabni barataa barnoota afaan oromoo kutaa 9ffaa bara 2005 maxxanfame qabiyyee inni dhiyeesse waliin dandeettiiwwan qabiyyee barnoota afaaniifi qabiyyeelee qaormaata barsiisotni qopheessan walcinaa qabuun akka daataa funaanametti; walcinaa qabamee yoo ilaalamu kenniinsi qormaataafi qabiyyee barnootaa kan walhinsimne ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kana tokko tokkoon akka ragaa sakatta'a dokumentiin funaanameetti walcinaa qabuun yoo ilaalamu; akka odeeffannoo gabatee (2) olii irraa hubachuun danda'ametti:

1ffaa, Dubbachuun kitaaba barataa irratti irra deddeebi'uun yeroo19 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 22.4% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaatne.

2ffaan, Dubbisuu kitaaba barataa irratti irra deddeebi'uun yeroo18 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 21.2% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaatne.

3ffaa, Barreessuu kitaaba barataa irratti irra deddeebi'uun yeroo16 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 18.8% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaatne.

4ffaa, caasluga kitaaba baratаа irratti irra deddeebi'uun yeroo16 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 18.8% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 116 dhibbeentaan 59.9% kan madaalliif dhiyaatedha.

5ffaa,Ogbarruu kitaaba baratаа irratti irra deddeebi'uun yeroo 9 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 10.6% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 29 dhibbeentaan 14.96% kan madaalliif dhiyaatedha.

6ffaa, Jechoota kitaaba baratаа irratti irra deddeebi'uun yeroo 3 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 3.5% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 32 dhibbeentaan 16.49% kan madaalliif dhiyaatedha.

7ffaa, Dhaggeeffachuun kitaaba baratаа irratti irra deddeebi'uun yeroo 3 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 3.5% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffiliin madaalliif dhiyaate hinjiru.

8ffaa, kan biroo kitaaba baratаа irratti irra deddeebi'uun yeroo (Loojikii)1 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 1.25% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen madaalliif dhiyaate12 yoo ta'u dhibbeentaan 6.18% madaalliif dhiyaateera.

Kanaafuu, akka gabatee (2) olii irraa hubachuun danda'amu xiinxalaafi ibsa lakk. 1ffaatii hanga saglaffaatti xiinxalameen madaalliin barsiisotni qopheessaniifi qabiyyeen kitaaba baratаа kan wal hinsimne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Kunis, qabiyyeen kitaaba bartaa irratti ifaan jiruufi qormaatni barsiisotaan qophaa'u akka wal hinsimne hubachuun nidanda'ama.

Gabatee (3), sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi Qqormaata Barsiisoti Kutaa 10ffaa Mana Barumsaa Giddaa Ayyaanaa Sadarkaa 2ffaa Bara 2011fi 2012 Qopheessan Irraa Itiin Walitti Qabame.

| Lakk. | Qabiyyee | Hanga kitaaba barataa iraati dhiyaate | | Hanga qormaataaf dhiyaate | |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakkoofsaan | | Lakkoofsaan | 100(%)n | Lakkoofsaan | 100(%)n |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 3 | 3.9 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 21 | 27.3 | 0 | 0 |
| 3 | Dubbisuu | 18 | 23.4 | 0 | 0 |
| 4 | Barreessuu | 11 | 14.3 | 0 | 0 |
| 5 | Caasluga | 12 | 15.6 | 132 | 52.8 |
| 6 | Jechoota | 2 | 2.5 | 54 | 21.6 |
| 7 | Og-barruu | 10 | 12.9 | 42 | 16.8 |
| 8 | Kan biroo | 1 | 1.3 | 22 | 8.8 |
| Walitti | | 77 | 100 | 250 | 100 |

Odeeffannoo gabatee olii irraa hubachuun kan danda'amu, qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa(2005)fi qophii qormaata barreeffamaa barsiisonni mana barumsaa Giddaa Ayyaanaa sadarkaa 2ffaatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran qopheessan cuunfaa seemisteera sadani(2011fi 2012 seem.1ffa) haala gadiin xiinxalamee dhiyaateera. Kunis kitaabni barataa tooftaa barsiisuu garaagaraan barattootni dandeettiiwan afaanii mara akka cimsataniif tokkoo tokkoo dandeettiiwwan kanaa barannoo baranoon qoqqooduun eddoo 77tti dhiyeesseera. Akkasumas seemisteera walitti aanan darban sadanitti gaaffileen barreeffamaa 250 kan qophaa'antu xiinxalame. Xiinxalli kun battallee, hojii garee, abbaltii, qormaata walakkeessa seemisteraafi qormaata xumuraa seemisteera sadanii walitti hida'uun xiinxalame. Haaluma xiinxala gabatee (3) olii keessatti hubatameen Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 10ffaa (2005) boqonnaa 18 kan qabuufi achi jalatti barannoo barannoodhaan qabiyyee barnoota afaanii bakka 77tti qoodee dhiyeessaara. Qabiyyeelee kanas Dhaggeeffachuu yeroo 3, Dubbachuu yeroo 21, Dubbisuu yeroo 18, Barreessuu yeroo 11, Caasluga yeroo 12, Jechoota yeroo 2, Ogbarruu yeroo 10, Kanbiroo yeroo 1 kanaafuu walsimannaa qabaachuufi dhabuu jijjiiramtoota kana lamaanii

(qabiyyee kitaaba barataafi qormaata barreeffamaa barsiionni qopheessan) walcinaa qabuun xiinalame. Xiinxala kanas odeeffannoo daataa jijjiiramtoota kana lamaan irraa argame lakkoofsaan erga funaanamee booda gara dhibbeentaatti deebisuun haala gabatee (3) odeeffannoo funaanameera. Madaalliifi qabiyyeen barnootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 10ffaafi qormaatni barsiisota kutaa 10ffaatti Afaan Oromoo barsiisan kan wal hinsimne ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kunis, kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 10ffaaf qophaa'e waliin wal bira qabuun xiinxalame. Kun ammoo qabiyyeen kitaaba barataa irra jiruufi qormaatni qophaa'e kan wal hinsimne ta'uu isaa odeeffannoo gabatee (3) irraa argameen hubachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf,

1ffaa, Dandeettiiwwan bu'uuraa afranuu kitaaba barataa keessatti kan dhiyaatan yoo ta'u, seemisteera darban sadaniitti madaalliif hindhiyaane.

2ffaa, Kitaabni barataa dandeettii dubbachuuf eddoo guddaa yommuu kennu qormaatni barreeffamaa ammoo dandeettii afaanii keessaa dhibbeenttaa arka caalu xiyyeeffannoo caaslugaaf kenneera.

Walumaa galatti odeeeffannoon sakatta'a dokumentii irraa argame akka mullisutti qabiyyeen qormaata barreeffamaafi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa haala gadiin xiinxalameera.

1ffaa, Dubbachuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo 21 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 27.3% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaanne.

2ffaan, Dubbisuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo18 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 23.4% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaanne.

3ffaa, Barreessuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo11 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 14.3% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffiin tokkoyyu madaalliif hindhiyaatne.

4ffaa, caasluga kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo12 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 15.6% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffileen 132 dhibbeentaan 52.8% kan madaalliif dhiyaatedha.

5ffaa, Ogbarruu kitaaba barataa keessatti irra deddeebi’uun yeroo 10 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 12.9% kan qabate yoo ta’u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffileen 42 dhibbeentaan 16.8% kan madaalliif dhiyaatedha.

6ffaa, Jechoota kitaaba barataa keessatti irra deddeebi’uun yeroo 2 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 2.5% kan qabate yoo ta’u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffileen 54 dhibbeentaan 21.6% kan madaalliif dhiyaatedha.

7ffaa, Dhaggeeffachuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi’uun yeroo 3 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 3.9% kan qabate yoo ta’u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffiliin madaalliif dhiyaate hinjiru.

8ffaa, Kan biroon kitaaba barataa keessatti qabiyyeen loojikii 1 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 1.3% kan qabate yoo ta’u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 250 keessaa gaaffileen madaalliif dhiyaate 22 yoo ta’u dhibbeentaan 8.8% madaalliif dhiyaateera. Kanaafuu, gabatee olii irraa hubachuun akkuma danda’amu madaalliin barsiisotni qopheessaniifi qabiyyeen kitaaba barataa kan wal hinsimne ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama. Kunis, qabiyyeen kitaaba bartaa irratti ifaan jiruufi qormaatni barsiisotaan qophaa’e akka wal hinsimne hubachuun nidanda’ama.

Walumaa galatti seem. Walitti aananii darban sadanitti gaaffilee 250 keessaa Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuufi Barreessuun gaaffiin tokkoyyu madaalliif kan hindhiyaanne yoo ta’u, Caasluga gaaffilee 132, Jechoota gaaffilee 54, Ogbarruu gaaffilee 42, Kan biroo gaaffilee 22 qabatee jira. Akka odeeffannoon daataa qormaata barsiisotni qopheessan kanarraa hubachuun danda’amutti xiyyeeffannoon caasluga, jechootaafi ogarruu (afoola)f kan laatame yoo ta’u; dandeettiiwwa biroof xiyyeeffannoon kan laatame miti. Kun ammoo, qabiyyeen kitaaba barataa irra jiruuf madaallii barsiisotni qopheessan kan wal hinsimne ta’uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, sakatta’a dokumentii taasifame kanarraa hubachuun kan danda’amu kenniinsi madaallii barsiisota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Giddaa Ayyaanaa kutaa 10tti qophaa’eefi fi qabiyyeen kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa kurneffaa (2005) kan wal hinsimneefi garaagarummaa guddaan kan gidduutti mul’atu ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama

Gabatee (4), Sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaafi Qormaata Barsiisoti Kutaa 11ffaa Mana Barumsaa qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa Bara 2011fi 2012 Qopheessan Irraa Itiin Walitti Qabame**.**

| Lakk. | Qabiyyee | Hanga kitaaba barataa iraati dhiyaate | | Hanga qormaataaf dhiyaate | |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakkoofsaan | | Lakkoofsaan | 100(%)n | lakkoofsaan | 100(%)n |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 11 | 10.5 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 33 | 31.4 | 6 | 3.14 |
| 3 | Dubbisuu | 16 | 15.2 | 4 | 2.09 |
| 4 | Barreessuu | 13 | 12.4 | 9 | 4.7 |
| 5 | Seerluga | 16 | 15.2 | 117 | 61.25 |
| 6 | Jechoota | 1 | 0.34 | 31 | 16.2 |
| 7 | Ogbarruu | 13 | 12.4 | 20 | 10.47 |
| 8 | Kan biroo | 2 | 2 | 5 | 2.6 |
| Wiliigalatti | | 105 | 100 | 191 | 100 |

Haaluma xiinxala gabatee (4) olii keessatti hubatameen, madaalliifi qabiyyeen barnootaa Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 11ffaafi qormaatni barsiisota kutaa 11ffaatti Afaan Oromoo barsiisan qopheessan kan wal hinsimne ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Xiinxalli kun kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo bara 2005 maxxanfameefi madaallii barsiisota kutaa 11ffaa mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti Afaan Oomoo barsiisaniin bara 2011 hanaga 2012tti walitti fufiinsaan seemisteera sadiif battallee, hojii garee, abbaltii, qormaata walakkeessa seemisteraafi qormaata xumuraa seemisteera sadanii walitti funaanuun xiinxalame. Kunis kitaaba barataa barnoota afaan Oromoo kutaa 11ffaaf qophaa'e waliin wal bira qabuun xiinxalame.

Akka odeeffannoo gabatee olii irraa hubatametti, qabiyyeen kitaaba barataa irra jiruufi qormaatni qophaa'e kan wal simu miti. Fakkeenyaaf, dandeettiiwwan bu'uuraa barnoota afaanii kitaaba barataa irratti dhiyaate madaallii qophaa'eef waliin wal hinsimu. Kanas akkuma gabatee olii kanaraa hubachuun danda'amu kitaaba barataa irratti dandeettiin dhaggeeffachuu dhibbeentaan 10.5% kan dhiyyaate yoo ta'u madaallii irratti ammoo gaaffii madaalliif qophaa'e kan seemisteera sadii gaffilee 191 qophaa'e keessaa dindeettiin dhaggeeffachuu hinmadaalamne. Akkasumas

kitaabni barataa afaan Oromoo kutaa 11[ffaa] qabiyyee dandeettii dubbachuu dandeettiiwwan kaawwan caalaa eddoo kan kenneef yoo ta'u madaallii barsiisotni kutaa kanaaf qopheessan ammoo dandeettii caaslugaaf kan eddoo kennanidha.

Walumaagalatti, qabiyyeen kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 11ffaaa kun dandeettiiwwan afaanii baratamuu malan barannoo barannoodhaan addaan qoodee kan dhiiyeessedha. Kunis tartiibaan qabiyyeen dhiyaate lakkoofsaan irra deddeebiin guddaadhaa gara xiqqaatti akka gadiitti tarreeffameera. Dhaggeeffachuu yeroo 33, dubbisuu yeroo 16, caasluga yeroo 16 , barreessuu yeroo 13, ogbarruu yeroo 13, dhaggeeffachuu yeroo11, kanbiroo yeroo 2 fi jecha yeroo 1 walumaa galatti barannoo 105itti qooduun dhiyeessee jira.

Madaalliif gaaffii barsiisotni qopheessan ammoo gaaffilee semisteera sadiif gaaffilee 191 qophaa'an qabiyyee isaan qabatanii qophaa'an guddaadhaa gara xiqqaatti yeroo tartiibeffamu caasluga gaaffilee 117, jechoota gaaffilee 31, ogbarruu gaaffilee 20, barreessuu gaaffilee 9, dubbachuu gaaffilee 6, kanbiroo gaaffilee 5, dubbisuu gaaffilee 4fi dhaggeeffachuun kan hinmadaalamne ta'uu hubadheera. Kun ammo dhibbeentaan 61.25 caasluga qofaa irratti kan qophaa'e akka ta'e hubatama. Akka odeeffannoon daataa qormaata barsiisotni qopheessan kanarraa hubachuun danda'amutti xiyyeeffannoon caasluga, jechootaafi ogarruu (afoola)f kan laatame yoo ta'u; dandeettiiwwan biroof xiyyeeffannoon kan laatame miti. Kun ammoo qabiyyeen kitaaba barataa irra jiruuf madaallii barsiisotni qopheessan kan wal hinsimne ta'uu isaa agarsiisa. Walumaa galatti agarsiiftuuwwan walsimuu dhabuu kenniins madaalliifi qabiyyee kitaaba barataaf ragaaleen walitti qabaman keessaa akka gabatee (4) irratti hubatametti:

1ffaa, Dubbachuun kitaaba barataa irratti irra deddeebi'uun yeroo 33 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 31.4% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 6 dhibbeentaa 3.4 madaalliif kan dhiyaate.

2ffaan, Dubbisuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo16 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 15.2% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 4 dhibbeentaa 2.09 madaalliif kan dhiyaate.

3ffaa, Barreessuu kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo13 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 12.4% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 194 keessaa gaaffileen 9 dhibbeentaa 4.7 madaalliif kan dhiyaate .

4ffaa, Caasluga kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo16 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 15.2% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 191 keessaa gaaffileen 117 dhibbeentaan 61.25% kan madaalliif dhiyaatedha.

5ffaa, Ogbarruu kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo 13 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 12.4% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 191 keessaa gaaffileen 20 dhibbeentaan 1.47% kan madaalliif dhiyaatedha.

6ffaa, Jechoota kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo 1 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 0.34% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 191 keessaa gaaffileen 31 dhibbeentaan 16.2% kan madaalliif dhiyaatedha.

7ffaa, Dhaggeeffachuun kitaaba barataa keessatti irra deddeebi'uun yeroo 11 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 10.5 kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 191 keessaa gaaffileen madaalliif dhiyaate hinjiru.

8ffaa, Kan biroo kitaaba barataa irratti irra deddeebi'uun yeroo 2 kan dhiyaateefi dhibbeentaa 2% kan qabate yoo ta'u gaaffilee barsiisotni seemisteera sadiitti qopheessan 191 keessaa gaaffileen madaalliif dhiyaate 5 yoo ta'u dhibbeentaan 2.6% madaalliif dhiyaateera. Kanaafuu, gabatee olii irraa hubachuun akkuma danda'amu madaalliin barsiisotni qopheessaniifi qabiyyeen kitaaba barataa kan wal hinsimne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Kunis, qabiyyeen kitaaba barataa irratti ifaan jiruufi qormaatni barsiisotaan qophaa'u kan wal hinsimne ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Gabatee (5), sakatta'a Odeeffannoon Kitaaba Barataaa Barnoota Afaan Oromoofi Qqormaata Barsiisotni Afaan Oromoo Kutaa 12ffaa Mana Barumsaa qophaa'inaa Giddaa Ayyaanaa Bara 2011fi 2012 Qopheessan Irraa Itiin Walitti Qabame.

| Lakk. | Qabiyyee | Hanga kitaaba barataa iraati dhiyaate | | Hanga qormaataaf dhiyaate | |
|---|---|---|---|---|---|
| Lakkoofsaan | | Lakkoofsaan | 100(%)n | Lakkoofsaan | 100(%)n |
| 1 | Dhaggeeffachuu | 3 | 4.3 | 0 | 0 |
| 2 | Dubbachuu | 20 | 28.6 | 0 | 0 |
| 3 | Dubbisuu | 18 | 25.7 | 0 | 0 |
| 4 | Barreessuu | 12 | 17.1 | 0 | 0 |
| 5 | Seerluga | 11 | 157 | 178 | 72.65 |
| 6 | Jechoota | 1 | 1.4 | 28 | 11.4 |
| 7 | Ogbarruu | 5 | 7.1 | 32 | 13 |
| 8 | Kan biroo | - | - | 7 | 2.8 |
| Wiliigalatti | | 70 | 100 | 245 | 100 |

Gabatee (5) olii kanarraa kan hubatame qabiyyee kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa (2005) fi qabiyyee madaallii qormaata barreeffamaa barsiisotni mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayaanaatti Afaan Oromoo brsiisan qopheessantu walcinaa qabamuun xiinxalame. Qormaanni barreeffamaa kunis seemisteera sadan walitti aananii darban ( kan 2011 seem. lamaaniifi 2012 seem.1ffaa) keessatti barreeffamaan barsiisotni dhiyyeessantu xiinxalame. Haala walsimannaa qabiyyee barnootaafi qormaata barreefamaa barsiisotni mana barumsaa Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatti Afan Oromoo basiisan gidduu jiru of eeggannaan dandeettiiwwan Afaanii (qabiyyee barnoota afaanii) kitaaba barataa irra jiru keessaa isa kam jalatti akka ramadamu kan barsiisota deeggarsa naaf godhan waliin ramadameera. Akkasumas qormaatni dhiyaate kun qabiyyeefi kaayyoo barnoota afaan oromoo kutichaaf ramadame bu'uura godhatee moo barsiisotni waanuma madaaluu barbaadan madaalaa jiru kan jedhus xiinxaluun dhiyaateera.

Xiinxala kanaanis qabiyyeen kitaaba barataa irra jiruufi madaallii barsiisotaan qophaa'an kan walhinsimne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Kanas qabiyyeen barnoota afaanii fi madaallii

barattootaaf dhiyaate faana haala gadiin walcinaa qabuun walsimannaa dhabuu isaanii hubachuun nidanda'ama.Qabiyyee kitaaba barataa irratti dandeettiin dhaggeeffachuu qabiyyee kitaaba barataa irratti 4.3% yoodhiyeessu madaalii barsiisotni qopheessan hinjiru. Daneettiin dubbachuu kitaaba barataa irratti 28.6% kan dhiyeesseefi dandeettiiwwan jiran mara caalaa bakka guddaa kan qabate yoo ta'u; seemisteera darban kana sadanitti madaalliif hindhiyaanne. Qabiyyee kitaaba barataa irratti Dandeettiin dubbisuu 25.7%, dandeettiin bareessuu 17.1% kan dhiyyaatu yoo ta'u dandeettiin lamaanuu madaalliif hindhiyaanne. Kanaafuu gama dandeettiiwwa bu'uuraa afaaniittiin yoo ilaalame kan madaalliin barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisaniin qophaa'e kan qabiyyee kitaaba barataa irra jiruun kan walsime osoo hintaane guutummaa guutuuti kan madaalliif hindhiyaanne ta'uu isaatu hubatama.Gama qabiyyeelee kitaaba barataa brnoota afaan oromoo xixiqqaa jedhamaniin yoo ilaalle ammoo kitaaba barataa irratti dandeettiin seerlugaa 15.7% kan dhiyaate yoo ta'u, madaallii barsiisotni qopheessan irratti 72.65% kan dhiyyeeadha. Kun walsimannaa dhabuu kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata barnoota afaan oromoo kutaa 12ffaa barsiisota mana barumsichaatti afaan oromoo barsiisaniin qophaa'uuf agarsiisfuu giddaadha. Gama dandeettii jechootaatiin yoo ilaalames kitaaba barataa irratti 1.4% qormaata barreeffamaa qophaa'e irratti 11.4% kan dhiyeesse yoo ta'u gama kanaanis walsimannaan jijjiiramtoota kana lamaan gidduutti kan mullatu osoo hintaane garaagarummaa guddaan akka jiru hubachuun nidanda'ama. Ogbarruun kitaaba barataa irratti 7.3% kan dhiyyate yoo ta'u madaallii qophaa'e irratti 13%, Kitaabni barataa barnoota Afaan Oromoo qabiyyee kan hindhiyeessine yoo ta'u madaalli ammoo 2.8% qophaa'ee jira.

Walumaa galatti, madaallii barsiisotni seemisteera sadan darbanitti(2011 seemisteera lamaaniifi 2012 seemisteera 1ffaa) qopheessaniifi qabiyyeen kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaa (2005) kan walhinsimne ta'uu daataa (odeeffannoo) sakatta'a dokumentii kitaaba barataafi qormaata barsiisotni mana barumsichaatti afaan Oromoo qopheessan iirraa argame nihubachiisa. Bifuma walfakkaatuun afgaaffiifi mariin garee xiyyeeffannoo irraa argames odeeffannoo sakatta'a dokumentii irraa argame kana kan deeggarudha. Kanaafuu madaallii barsiisotni qopheessaniif qabiyyeen kitaaba barataarra jiru kan wal hinmadaalle ta'uu isaa haubachuun danda'ameera.

## 4.4. Wanttootni Walsimannaa Kenniinsa Madaalliifi Qabiyyee Barnootaatti Gufuu Ta’an

Gaafileen armaan gadii tooftaa ittiin qabiyyeen barnootaa kutaa eerameef kenname tokkoofi gaafileen madaallii kutaa sanaaf qophaa’e gaaffilee dhiyaatan walcina qabuun odeeffannoon walitti qabachuuf kan kaayyeffatamedha. Akkan odeeffannoo koo walitti qabadhetti xiinxala adeemsa walsimannaa madaalliifi qabiyyee kitaaba barataa mana barumsa sadarkaa lammaffaa fi qophaa’ina Giddaa Ayyaanaa irraa odeeffannoo adda addaa walitti qabuuf kan dhiyaataniidha.Deemsa kanaan qoratichi dhuunfaa dhuunfan afgaaffii dhiyeessuun odeeffannoo walitti qabate kanneen walfakkaatan bakka tokkotti guuruun hanqinaalee walsimuu dhabuu kenniinsa madaalliifi qabiyyee barnootaaf sababa ta’an hala kanaan walitti qabammeera.kuni gaaffii qorannoo lammaffaa deebisuuf marsiisota hiddatteeffamaniif dhiyaachuun deebii walitti qabamuun qaacceffamedha..

1.Haala qabatamaa mana barumsaa kanaafi kutaa itti barsiisaa jirtan irrattii rakkooleen qophii qormaataa keessatti isin mudatan jiruu? Yoo jiraatan maal fa’i? gaffii jedhu dhiyeessuun deebiin argame:

> Gaffii kanaaf akka deebii kennaan 1ffaa,jedhetti Haala qabatamaa mana barumsaa kanaan rakkoolee hedduutu jira. Fakkeenyaaf baayy’inni barataa daree tokko keessa jiru qabiyyee barnootaaf dhiyeessinu mara akka hinqorreef gufuu ta’eera. Fakkeenyaaf, dareelee seennee barsiisnu kutaa hundaa keessaa inni xiqqaan barataa 91dha. Akka walii galaatti ammoo lakkoofsaan yoo ilaalle barsiisan tokko barattoota 649 waggaa tokkotti barsiisa. Kanaafuu, barattoota kana madaaluuf tooftaa salphaa kan yeroo keenya nuuf qusatu fayyadamnee qopheessina. Gosoota madaallii (test item) jiran keessaa dhugaa sobaa, firoomsiifi filannoo qofa akka qopheessinuuf kan nudaangesseedha. Jechuun deebii isaanii kennan.
>
> Gaaffiima walfakkaatuuf deebisaan 2ffaa, odeef kennitoota irraa argame akka ibsutti Manni barumsaa yeroo hedduu yeroo qormaata qopheessinu, walga’ii istaafii irratti qormaatni qopheessinu waraqaa fuula tokko dabarsinee akka hinqopheessine kallattii nuuf kenna. Sababni isaas baay’inni barataa daree keessaa baajeta hedduu waan gaafatuuf qusachuuf akka ta’e kallattii kaa’uun qormaatni qophaa’a. Kun ammoo qabiyyee barnoota afaanii kanneen bu’uuraa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu) akka hinqorreef gufuu ta’eera. Jechuun deebii akka ragaatti adda baasanii kaa’u.

Deebisaa 3ffaa,Haalli qabatamaa mana barumsaa qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa qabiyyee barnoota afaanii qoruun keessumaa dandeettiiwwaan bu'uuraa mara qoruun ulfaataadha. kunis baay'ina barataa waliin wal qabata. Fakkeenyaaf dhaggeeffachuufi dubbachuu qoruuf istaanderdiin barataa daree tokko keessa jiru kan daree lamaan olidha. Akka biroon barnoota oromiyaa labsii 2005 tti istaanderdiin baratttoota daree tookko keessa lakkoofsaan 42 akka ta'e, garuu manni barumsichaa daree tokko keessa hanga barataa 104 teessisee barumsaaf dhiyeessa. Kun ammoo madaallii akka barbaanetti madaaluuf nurakkisee jira jechuun deebii kennaniin.

Walumaa galatti deebistoota armaan olitti yaada kennan irraa hubachuun akka danda'ametti rakkoon jiraachuu isaa adda baasanii raga ba'u. akka odeef kennitota kanarraa hubachuun danda'ametti qabiyyeen qormaataa barsiisotni qopheessaniif qabiyyeen kan walhinsimne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Sabani isaayyu madaallii akka qabiyyee kitaaba barataa irratti dhiyaateen qopheessuuf baayi'inni barataa daree keessaa , qajeelfamni hooggansa mana barumsaa gufuu akka ta'n hubachuun danda'ameera.

2.Qabiyyeen kitaaba barataa irratti dhiyaatee; madaalliif hindhiyaatiin hafu jira jettanii yaadduu? Yoo jiraate maaliif? Yoo hinjiru ta'e immoo tooftaa kamiin akka hojirra oole naaf himuu dandeessuu?

Gaaffii olitti deebi kennitoota afgaaffiidhaan dhiyaatee deebii isaanii qindaa'eera.

Deebisaa 1ffaan, akka ibsetti Hin jiru, haata'u malee ga'aa miti. Fakkeenyaaf, dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootaa daree keessatti walfalmii gareen akka geggeessan gochuun waanan madaaluuf jechuun deebii isaa kenneera. Dandeettiiwwan kaan ammoo qormaata barreeffamaan waanan qoruuf tooftaa kanaan akka qabiyyeen barnootaa hundi akka madaalamu waanan godhuuf ammi isaa wal madaalaa ta'uu baatuyyu qabiyyee hundaanuu nimadaalamu jedha.

Deebisaa 2ffaa, Eyyeen, nijiraata; yeroon barnoota Afaan Oromoof kenname akka walii galaatti qabiyyee kitaabicha irratti dhiyaate waliin wal hinmadaalu. Qabiyyeen kenname ballaa yoo ta'u torbanitti wayitii lama qofa barsiifama. Kanaafuu qabiyyee barnootaa

hunda madaaluuf yeroofi bayy'inni barata kutaa keessa jiranii madaallii fi qabiyyeen barnootaa akka wal madaalaa hindeemneef sababa guddaadha. Jechuun deebii kennaniin Kanaanis deebistootni kun deebii isaaniin rakkoon jiraachuu isaa mirkaneessaniiru.yaada odeef keennitoota kanarraa afgaaffiin argamerraa hubachuun akkuma danda'ame akkaataa qabiyyee barnootaatti hunda madaaluuf qabiyyeefi kitaabni baratаa akka walhinsimneef yeroon kenname (baayyinni wayitii) muraasa ta'uun akka gufuu ta'e adda ba'eera.

3.Yeroo baay'ee dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeett kam osoo qortanii filattu?; Maaliif? Deebistootni hunduu gaaffi kanarratti deebii walfakkataa kennaniiru. Kunis brsiisotni afgaaffiin dhiyaateef marti seerluga, hiika jechaa, ogafaan (afoola) osoo qoranii akka itti tolu ibsan. Sababni isaas, qormaata dandeettiiwwan kanaan qophaa'an qopheessuufis ta'e soroorsuuf namatti waan toluuf akkasumas yeroo qusata; baayyina baratаa waliins salphaatti soroorsinee deebisuuf waan namatti toluuf jechuun deebii kennan.

Deebii sadaffaa kanarraa hubachuun kan danda'amu akkuma sakatta'a dokumantii keessatti hubatame qamiyyee muraasa kan akka seerluga, ogbarruufi jechoota filatanii akka qoran hubachuun danda'ameera.kanaaf jijjiiramtootni kun lamaan akka walhinsimne hubachuun danda'ameera.

4.Dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootni qaban addaan baafatanii deeggaruuf tooftaa kam fayyadamtu? Yoo hin madaaltan ta'e maaliif?

Yaada gaaffii afraffaa irratti deebii kennitoota meshaa odeeffannoo walitti qabannaa afgaaffiin argame irraa walitti qabame ydda isaanii kallattiimaan waraabuun haala gadiin dhiyeesseera.

> Deebisaa 1ffa, yeroo hedduu dandeettiiwwan afaanii addaan baasanii qoruun hin mullatu. Keessumaa akka odeef- kennaan tokko jedhettiAnis dandeettiiwwan tokko tokkoon addaan baasee qoruu hin amaleeffanne. Kun osoo akkas ta'ee gaarii ture. Yeroon barachaa tures hangan barnoota koo sadarkaa lammaffaa xumurutti qormaata dandeettiiwwan Afaan Oromoo adddan baasanii kan barsiisotni koo naqoran hin yaadadhuu. Kun ammoo malli madaallii afaanii jalqabumaa kaasee kan laafaa dhufe akka ta'e natti muliisa. Jechuun deebii isaanii kennaniiru.

2ffaa, Barattootni dandeettiiwwan bu’uura kana lamaan manatti maatii irraa baratanii gara mana barumsaa dhufu. Kanaaf kun barattoota afaan tokkoffaa bay’ee kan rakkisu miti. Dandeettiiwwan bu’uraa kan mana barumsaatti malee barattootni argachuu qabatamaa Mana barumsaa danqadha. Kuns tokkoffaan koreen sirna barnootaa bulchiinsa mana barumsaa waliin ta’uun gaafii xumuraa 60% keessaa gaaffii 20 ol akka hinqophooneef waraqaa fuula tokkorra akka hndabarre. Isumayyu karaa duuba waraqichaa ammoo gosa barnoota biroo itti akka fayyadamanii akka qusatamu murteessuun qormaatni qophaa’a. kunis baayi’inni barattootaa fi qabeenyaan walhinsimu waan ta’eef baruufi barachuu barattootaa irratti dhiibbaa geessisaa jira. Kanaafuu qabiyyee barnootaaf dhiyaateef madaallii walsimsiisanii deemuun ulfaataadha. Jechuun deebii kennan.

Qorataanis akka yaada odeef kennitoota olii kana raga walitti qabatetti,barsiisotni qormaata sirnaan akka hinqopheessineef bulchiinsi mana barumsichaa hanga gaaffii murteessuun, kan qajeelchu waan ta’eef  gufuu walsimachuu dhabuu jijjiiramtoota kana lamaanii akka ta’eakka ragaatti adda baasuun danda’ameera.

5.Madaalliiwwan afaaniin (orally) geggeeffaman daree keessatti haala kamiin ojiirra oolaa jira?

Deebi kennaa tokkorraa kan afe hundi isaaniiyyu madaallii afaaniffaan madaalaa akka hinjirre deebisaniiru. Deebi kennaan tokko garuu gaaffii afaaniin barannoo toorbanii gaafachuun, akkuma tasaa waa’ee maalii akka barachaa jiraniif maal akka hubatan afaaninan gaafadha, yeroo mata duree falmii irra ga’u garee gareetti qooduun yeroo barattootni muraasni dhaggeeffata kaan ammoo ni dubbatu. Tooftaa kanaan akka madaalu dubbata. Barsiisotni shan garuu tooftaa deebii kennaa kana akka mala baruu barsiisuudha malee tooftaa madaalliidha jennee hin fudhannu jechuun deebii kennan.

Ggaaffii shanaffaa afgaaffiidhan barsiisotaaf dhiiyaate kanarraa hubachuun akkumma danda’ametti barsiisotni muraasni dandeettiiwwan kan akka dhaggeeffachuufi dubbachuu irratti hubannoo isaan qaban laafaa akka ta’e hubachuun nidanda’ama. Kun ammoo qabiyyeefi madaalliin akka walhinsimne ta’uu isaa hubachuunakkuma jirutti ta’ee hubannoon isaanii kun akka gufuu tokkootti kan jiru ta’uu isaa hubachuun danda’ameera.

6.Qormaata isin qopheessitan irratti yaadni barattootaa maal fakkaata itti gammaduu? Qormaata sirrii qoramne jedhanii fudhatuu? Kanas akka yaada deebistootaa gabaabinaan haala gadiin dhiyaateera

Barattoota qaxalee qofa gaaffanna. Yeroo tokko tokko akka itti gammadan kaasu. yeroo kaan ammoo ulfaatadha jechuun deebisu. Kunis haala qophii qormaataa madaalanii akka hintaane qabxii argatan irratti hundaa'anii deebii akkasii akka kennan.Deebisan kanneen kaawwan ammoo (deebii kennitootni) barataa irraa duub deebii argachuuf kan barattoota hingaafanne akka ta'e ibsu. Haata'u malee yeroo tokko tokko yeroo madaallii garaagaraa soroorsinee deebisnu deebii kenninu irratti hundaa'uun qormaatichi ulfaataadha; gaaffii kana hinbaranne jechuun yeroo deebisan darbee darbee nidubbatu jechuun deebisu.

Deebii gaafatamtoota kanaarraa kan hubatamu barattootni waan madaalaman irratti komee akka qabaniif kan itti hingammanne akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Karaa biraa ammoo sirrummaa gama qbiyyeen kan daangeffame akka ta'e nihubatama. Barattootni hingaafatamiin afuun ammoo duub deebii argatanii itti gammaduuf yookaan irraa barachuuf kan asaan hingargaarre ta'uu hubachuun danda'ameera.

7.Qormaanni dhiyaate kaayyoo barnoota afaanii kutaa qormaanni dhiyaateef sana ni milkeessaa?

1ffaa, Guutummaa guutuutti nimilkeessa jennee hinyaadnu. Sababni isaas; barnootni afaanii kutaa itti dhiyaateef kaayyoolee garaagaraa barannoo barannoodhaan boqonnaa boqonnaa jalatti qoqqoodamee dhiyaatee jira. Qajeelcha barsiisaa irrattis tokkoo tokkoo barannoo kanneeniif tooftaa madaallii kaa'ee dhiyeessa. Haala qajeelchaa kanaan osoo madaalamanii kayyoo barnoota kutaa dhiyyate sanaa nimilkeessa ture. Haata'u malee, baayi'ina barattoota daree keessaa, yeroo barnootaaf kennameefi leecaalloo manni barchaa isaa dhiyeessu akka kaayyoon barnootaa galma hingeenyeef gufuu guddaadha.   Jechuun deebisan.

2ffaa, Qabiyyee barnootaa mara madaalliif dhiyeessuun ulfaataadha. Sababni isaas leenjii barsiisotni qophii qormaataaf qaban ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, dameen ogummaa fayyaa, waajiraaleen qonnaa, dhaabbanni faayinaansii garaagaraafi kanneen

biroo haaromsa ogummaa jechuun leenjiin yeroo garaagaraatti qophaa’eefii ogummaa isaanii dagaagfatu. Haata’u malee karaa dhaabbilee barnootaa leenjii dhaabbilee barnoota Olaanoo irra fudhatan malee Kun gama barnootaan leenjiin gama ogummaa adeemsa baruufi barsiisuu irratti kennamee hinbeeku. Kun ammoo qormaatni akkafeeteedhaan akka qophaa’uuf karaa waan saaqe natti fakkaata. Haata’u malee qabiyyeen barnootaa hundi yoo dhiyaate malee kaayyoo barnootaa mara madaaluun hindanda’amu. Kaayyoon barnootaa kan galma ga’u ammoo yoo qabiyyeen hundi haala kitaaba barataa irratti dhiyaateen madaalamedha.Kanaafuu qormaatni dhiyyate kaayyoo barnootaa nimadaala jedhee hinyaadu. Jechuun deebii afaaniin kenname iraa qulqulleeffachuun nidanda’ama.

Walumaa galatti qorataan akka odeefkennitoota irraa karaa meshaa odeeffannoo sassaabbii afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo barsiisotaaf dhiyeesse irraa argateen madaallii barsiisotni qopheessaniif qabiyee kitaabaa walsimuu isaa irratti anqinni akka jiru hubachuun nidanda’ama. Kunis sababoota walsimuu dhabuu kanaaf odeef kennitootni gufuu ta’eera jedhanii eeran keessaa muraasni;

Heddumni baratаa istaanderdiin ol ta’uu; Fedhiin barattootni fudhannaa barnootaaf qaban laafaa ta’uu; Haalli qabatamaa mana barumsichaa hanqina kan qabu ta’uu ; Gama bulchiinsa manneen barnootaa kanneeniin dhiibbaan jiraachuu; Qophii qormaataa irratti barsoosotni hubannaa kan hinqabne ta’uu; Yeroon barnoota afaanichaaf kenname ga’aa ta’uu dhabuutu fi Muuxannoo dhabuufi leenjiin ogummaa kennamuu dhabuun isaan ihjoodha. kun ammoo akka walii galaatti agarsiistuu walsimannaa dhabuu kenniinsi madaalliifi qabiyyee barnootaa ta’uu isaa hubachuun nidnda’ama.

## 4.5. Adeemsa ittnni qormaata qopheessan

Mata duree kana jalatti irra caalaa gaaffii qorannoo sadaffaa deebisuuf qorataan qorannichaa barsiisota marii gareef walitti qabamanii adeemsa barsiisotni qophii qormaataaf keessa darbanii madaalliifi qabiyyee barnootaa waliin akka walsimee deemu gochuuf tooftaa kamitti akka fayyadaman beekuuf gaaffii gadii gaafachuun deebii isaanii haal akanaan xiinxalameera.

Gaaffii: Yeroo qophii qormaataa gabatee murteessituu ga’umsa qormaataa ni faayyadamtuu?

Deebisaa 1ffaa, Lakkii fayyadamnee hinbeeku. Gabatee ga'umsa qormaataa fayyadamuu kan danda'amu leecaalloon mana barumsaa tokkoof barbaachisu yoo guute duwwaadha. Fakkeenyaaf, hanqinni yeroo, qabeenyaa, humana namaa, baayyinni barataa, haalli teessuma barataa akka gabatee gahumsa ogummaa hinfayyadamneef danqaadha. Jchuun deebii kennan.

Deebii deebistoota afgaaffiin maree gareef dhiiyaatee ragaa walitti guurame kanarraa hubachun akka danda'ametti barsiisotni sababa adda addaarraa kan ka'e akka gabatee merteessituu qophii qormaataatti hinfayyadamne hubachun danda'ameera

Deebii 2ffaa, akkan jalqaba kollejjii leenjii Barsiisummaa irraa baaneen haaluma leenjineen barsiisuuf madaalliis madaaluuf qophoofnee hojii keessa gallee turre. Garuu haala karoora dhiyeessa barnootaafi madaalliif itti qophooftuun hojiirra hoolchuun hindanda'amu. Sababni isaa karaa lamaan ilaaluun nidanda'ama. 1ffaan gama barataatiin yoo ta'u inni 2ffaan karaa gama mana barumsaan danqaaleen akka karooraatti hinhojjenne nama godhan waan heddummataniifi. Karaa gama barataatiin xiyyeeffannoo isaan barumsaaf kennan baay'ee laafaadha. Fakkeenyaaf, sababa garaagaraa huumuudhaan mana barumsaa fedhuma isaanii hanga ji'a tokkootti cufanii badu. Yerooma galmee irraa kaasnee yoo ilaalle onkoloolessa keessa yeroo galmaa'antu jira. Yeroo ayyaana garaagaraa, eeyyama midhaan sassaabbaaf yeroo isaaniif eeyyamameen ala yeroo dheeraa mana barumsaa irraa afu. Akkasumas sababa uumaniii jeequmsa kaasuun yeoo dheeraa yeroo idilee mana barumsaa cufuun danqaa gama barataan uumaman keessaa muraasa eeruun nidanda'ama.

Karaa gama mana barumsaan ammoo mooraafi haalli teessuma barataa osoo hinmijeessiin barataa lakoofsa hedduu galmeessuun barnootaaf dhiyeesu. Kun ammoo akka madaalliin seeraan hinkennamneef gufuu guddaadha. Sababa baay'nni barataa staanderdiin ol ta'eef brsiisuufis ta'e madaaluuf ulfaatadha. Kun ammoo, akka gosa madaallii yeroo fudhachuun madaalaman (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) madaaluun hindanda'amu. Ittti dabauun, Deebi kennitoota keessaa namni lama gabatee ga'umsa qormaataa kan jedhuyyu yeroo leenjiittis ta'e mana barumsaattiiyyu arganiis dhaga'aniis

akka hinbeekne kaasan. Kannen qooda fudhtan keessaa kanneen biroo ammoo leenjii keessatti kan baratan ta'us hojiitti jiijiiranii kan itti hinfayyadamne ta'uu odeef-kennitoota irraa hubachuun danda'ameera.

Yaada deebii kennitoota marii garee olirraa hubachuun akkuma danda'amu akkataan itti qormaata qopheessan kan saatyinsii qophii qormaataa hinordofne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama kunis deebisaa tikkoffaan kan haala qabatamaa gaaffii qorannoo keessatto gufuu jennee kaafne yeroo mirkaneessu kaan ammoo gabatee ga'umsa qophii qormaataa kan hinfayyadamne ta'uu ibsu.

Gaaffii: Kaayyoon barnoota afaanii kutaa irratti barsiisaa jirtanii jalqabaa hanga dhumaatti jiru akka barattootni itti gahoomaniiru beekuuf qormaati qophaa'e walsimee deemaa?

Akkuma walii galaatti deebii kennitootni haala qabatamaa mana barumsichaan qormaatni kan keennamu barattoota kutaadhaa gara kutaattii dabarsuuf malee; kan kaayyoo barnootaa kutaa sanaaf ramadame irratti barattootni ammam ga'oomaniiru?; qabiyyee kutaa kanaaf isaaniif ramadame sirriitti beekaniiru; kanaafuu madaallii sirrii madaalamaniiru jedhanii yaaduun hin danda'amu. Kanas qormaatni haala qabatamaa mana barumsichaan qophaa'uu akka qabu, gaaffiin meeqa akka qophaa'u, waraqaa fuula meeqqaan qophaa'uu akka qabu bulchiinsa mana barumsaatu karoorsee nuuf kenna. Haala akkasii keessatti kaayyoo barnootaa galma ga'uufi dhiisuu isaa irratti akka hin hojenneef gufuu ta'eera jechuun deebii kennan.

Gaaffileen marii garee xiyyeeffannoo erga dokumentiin sakatta'amee booda odeeffannoo hanqate itti guuttaachuuf kan qophaa'ee hojiirra ooles. Ragaama sakatta'a dokumentiifi afgaaffii barsiisotaa irraa argame waan cimsuuf madaalliin qophaa,uufi qabiyyeen kitaaba barataa irratti ifaan jiru kan wal hinsimne ta'uu qorannoo geggeeffameen addaan baasuun danda'ameera.

Qabxii qorataan qorannichaa marii gareef dhiyeesse inni ijoon adeemsa barsiisotni wayita qormaata qopheessan qormaataa fi qabiyyee waliin walsimsiisanii deemuuf tooftaa akkamii fayyadamu? (gabatee murteessituu ga'umsa  qormaataa nifayyadamuu?)kan jedhu qabxiilee ajandaa mareef dhiyaatanidha.

Qabxiilee kanaanis; akka walii galaatti addeemsi barsiisotni mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa itti qormaata qopheessan akka odeef kennitoota marii gareef dhiyaatan irraa hubachuun danda'ametti. Barsiisotni jalqaba qajeelfama manni barumsaa itti

dabarsu irratti hundaa'uun qormaata qopheessu. Kunis, qormaata walakkeessa seemisteeraafi qormaata xumura seemisteeraa irratti gaaffii waraqaan fuulli tokko qabachuu danda'u qofaa qopheessuutti yaaduu malee . Barattootni maal qoramuu qabu?, qabiyyee isa kamtu madaallamuu qaba? Qabiyyee barnoota afaanii mara dhiyeessuu qabnaa? yaadoleen jedhaman mariif akka hindhiyaanne kaasu. Sababni isaan kana kaasanis waraqaa fuula tokkoo olirratti yoo dhiyaate warqaan itti qormaanni baay'atu, qalamni meeshaa baay'isaaf ta'u hinjiru, yeroo jedhame keessatti soroorfamee xumuramee gabaasaaf dhiyeessuu hindanda'amu kan jedhu ture. Kun ammoo adeemsa qophii qormaataa keessatti gabatee ga'umsa qophii qormaataa akka hinfayyadmne ibsaniiru.

Adeemsa qophii qormaataa keessatti gabatee ga'umsa qophii qormaataa nifayyadamtuu? jehee gaaffii mareef qorataan dhiyeesse irratti odeef kennitoota ja'a keessaa odeef kennitootni afur waa'ee kanaa kanaan duras  hinbeeknu jedhan.  odeef kennitootni afan ammoo gabateen murteesituu qophii qormaataa bay'ee barbaachisaa akka ta'e kasuun garuu haala qabatamaa mana barnootaa turre hunda keessatti ittiin hojechuun waan hindanda'amneef dganneerraa jedhan.Akka walii galaatti gaaffilee bu'uuraa qorataan deebisuf ka'e sadan akka meeshaalee qorataan ittiin odeeffannoo sassaabbate irraa hubachuun kan da'ametti kenniinsi qormaatniifi qabiyyee barnootaa kan walhinsimne ta'uu, wantotni akka kenniinsi qormaataafi qabiyyeen wal hinsimne gufuu ta'an akka jiraniifi barsiisotni qabiyyeefi qormaata walsimsiisuuf akka gabatee ga'umsa qormaataa hinfayyadamne sakatta'a dukumentii, afgaaffiifi marii garee xiyyeefannoo irraa argameen hubachuun danda'ameera.

Akkuma walii galaatti qorataan kun boqonnaa afuraffaa kana keessatti dhimmi kaayyeffatee ka'e bira ga'uuf qorannoo geggeesse kana keessatti hanqinaalee jiranadda baasuu danda'eera.kunis kaayyoo qorannoo isaa keessatti akkuma kaase qabiyyeen madaallii barsiisotni qopheessan kaayyoo kitaaba barataa daree Sanaa waliin akka hindeemne sakatta'a dokumentii, afgaaffiifi marii garee irraa walitti qabateen mirkaneeffachuu danda'eera. Kun ammoo adeemsi baruufi barsiisuu kaayyoo fudhatee ka'e akka galma hingeeye akka godhu ayyuleen ni'eeru. Fakkeenyaaf Tasfaayeen (1981) yeroo ibsu yeroo kamuu qormaata niqopheessina yommuu jennu, kaayyoo qormaataa maaliif akka qorru, barbaachisummaa isaa beekuuf gargaara. .Keessattuu qormaanni qophaa'u sagantaa barnootaa murtaa'e irratti bu'uureffate yoo ta'u, kaayyoo barnootaa beekuun dirqamadha.Sababni isaas qormaatni waan nuuf mirkaneessu irraa eegamu barataan barnoota

afaanii qophaa'eef kaayyoo irraa barbaadamu galma ga'uufi ga'uu dhabuu isaa adda baasuuf akka kennamu ibsa.

Haata'u malee ija yaada Hayyuu Kanaan yoo ilaalame qormaatni barsiisotni mana barumsichaa qopheessan kan kaayyoo barnootichaa galme hingeessifne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Gama biraatiin Heaton (1990) waa'ee kaayyoo qormaata afaanii yoo ibsu qormaaata yeroo kamuu kannamu yeroo yaannu maal qoramu?, maal qoruu akka barbaanne? beekuun barbaachisaadha.yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeettii afaanii gurguddoo arfan: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu. Hammam hubataniiru?Yookaan ammoo barattootni fooyya'iinsa agarsiisaa jiran madaaluufi hubachuu jedhamee qormaata niqoramu jechuun ibseera. Kanaafuu qormaatni mana barumsichaatti kenname sababoota garaagaraan walqabatee adeemsa baruufi barachuu irratti dhiibbaa qaqqabsiisaa kan jiru ta'uu hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu akka walii galaatti qormaaata barsiisotni mana barumsaa sadarkaalammaffaa Giddaa Ayyaanaatti Afaan Oromoo barsiisan kan qabiyyee kitaaba barataa darichaa waliin walhinsimne ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama. Kanaafis akka sababaatti kan ka'an kanqoratichi bira gahe

- Heddumni barataa istaanderdiin ol ta'u
- Fedhiin barattootni fudhannaa barnootaaf qaban laafaa ta'uu
- Haalli qabatamaa mana barumsichaa hanqina kan qabu ta'uu
- Gama bulchiinsa manneen barnootaa kanneeniin dhiibbaan jiraachuu
- Qophii qormaataa irratti barsoosotni hubannaa kan hinqabne ta'uu
- Yeroon barnoota afaanichaaf kenname ga'aa ta'uu dhabuutu
- Muuxannoo dhabuufi leenjiin ogummaa kennamuu dhabuun akka sabaatti kan ka'ame dha

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YAADA FURMAATAA

## 5.1. Gudunfaa

Haala yaada sakatta'a barruu keessatti ibsamerraa hubachuun akka danda'ametti qormaatni sadarkaa hunda keessatti qophaa'u kamuu kaayyoo qophaa'eef sana bakka bu'uu akka qabuuffii qabiyyee kitaaba irraa qophaa'uu maraan walmadaaluu akka qabu hubachuun nidanda'ama. Sababni isaas dhiyeessi qormaataa tooftaa barnootichi ittiin hojiirra oolurratti dhiibbaa geessisuu danda'a waan ta'eefi. Kana jechuunis, barsiisotniifi barattootni kaayyoo barnootichaa dagachuun akkaataafi tooftaa qorumsichaa qabxiin gaarii galmaa'u qophaa'uu irratti akka hordofsiisu Siddiek (2010) ibsee jira.

Qorannoon kun xiinxala kenniinsa madaalliifi qabiyyeen barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9-12tti jiruu xiinxaluudha. Galma ga'iinsa kaayyoo barnoota afaaniif galma ga'uu isaa kan ittiin beekamu yoo kenniinsi madaallii qabiyyee barnootaa walsimee kennamedha. Gosoota qormaataa qophaa'an keessaa maddaallii barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa qorannoon kun irratti geggeeffame keessatti barsiisaa jiraniin kan qophaa'e irratti kan xiyyeeffatedha. Kunis kaayyoo gooroo qorannichaa adeemsi kenniinsa madaallii barreeffamaan dhiiyaateefi qabiyyee barnootaa Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa lammaffaa fi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa walsimachuu isaa xiinxaluufidha. Barnootni afaaniifi madaalliin afaanii kan addaan ba'ee ilaalamu miti. Kanaaf madaalliin qophaa'u galma ga'iinsa adeemsa baruufi barsiisuu ittiin safaruuf kan gargaarudha. Kanaaf ammoo madaalliin qophaa'u sirrummaa gama qabiyyeen qabuu milkaa'ee waan safaruu qabu yoo safaruu danda'e duwwaadha. Kun ammoo adeemsa qophii qormaatni tokko keessa darbee qophaa'uun barsiisotni mana barumsichaa qopheessu moo hinqopheessan; adeemsa qophii qormaataa keessatti wantotni danqaa ta'an maalfa'i? Jechuun adda bahanii kan xiinxalamanidha.

Madaalliifi qabiyyeen kitaaba barataa bifa qindoomina qabuufi waan safaramuun barbaadame hinmadaalle taanaan kayyoon barnootaa galma ga'uu isaa beekuun hindanda'amu. Madaalliin meeshaa barnootni irrraa qophaa'u sana bu'uura godhachuun kan barattootni keenya qabiyyee barnoota barsiifnee Beekuu danda'an yookaan hojechuu danda'an yaaduu akka qabnuufi yookaan qabiyyee barnoota barsiifnee madaaluu akka qabnu murteessaadha. Kanaafuu; qorannoo qorataan geggeesse kun akka mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaatiin

keenniinsi madallii Afaan Oromoo barsiisaniin qopha’eefi qbiyyeen kitba barataa barnoot ffaan Oromoo irra jiru ammam akka walsimu kan adda baasee dhiyeessedha.

Akka wali galaatti qorannoon kun; Qormaatni barsiisaa dareedhaan qophaa’u qabiyyee kitaaba barataa waliin hagam deema?; Sababootni walsimannaa kenniinsa madaalliifi qabiyyee barnootaatti gufuu ta’an jiruu?fi Adeemsi barsiisotni walgitiinsa qormaataafi qabiyyee barnootaa walsimsiisuuf keessa darban maal fakkaata?
Kunis, qormaatni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12tti jiru ALItti bara 2011 seemisteera lamaaniifi bara 2012 seemisteera tokkoffaa barsiisotaan qophaa’uufi qabiyyeen kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo (2005) hangam akka walsimatu xiinxaluun adda bahedha.

Galma ga’iinsa kaayyoo knaatiifis, sakatta’iinsi kitaaba barataafi qormaatni barreeffamaa barsiisotaan qophaa’e isaa duraa ta’us; qooda fudhattoota kan ta’an barsiisota mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa’ina Giddaa Ayyaanaa irraa galma yaadame bira ga’uuf meeshaalee funaansa ragaa adda addaa gargaarmuudhaan odeeffannoo walitti qabachuun hojii qoratichaa isa jalqabaa ture. Kana jalqaba irratti sakatta’iinsi kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa sagalii amma kudha lammaffaatti jiru sakatta’uun; qabiyyee qabiyyeetti addaan qooduun; qabiyyee kamiif xiyyeefannoo guddaan akka laatame adda ba’eera. Itti haansuun qabxiima kana jalatti qormaata bareeffamaa barsiisotaan seemisteera walitti aanaan darban sadanitti qophaa’an waliit guuruun qabiyyee kitaaba barataa guurame keessaa isa kam faana akka wal gitu xiinxaluun hojii itti aanu ture. Itti aansuun afgaaffiin caaseffamaa qooda fudhattootaaf dhiyaachuun odeeffannoon walitti qabameera. Akkasumas, odeefkennitoota waliin gaaffileen (qabxiileen) marii gaaffilee bu’uuraa qorannichaa deebisuu danda’an dhiyaachuun odeeffannoon walitti guuruun kallattii xiyyeeffannoo qoratichaati. Egaa ragaa bifa kanaan argame erga xiinxalamee boooda caaseffamee ibsi itti kennameera. Haala kanaanis, buaan qorannoo argaman adda addaa haala gadiin dhiyeesseera.

Inni jalqabaa kenniinsi madaalliifi qabiyyee barnootaa kan wal hinsimne ta’uu isaa odeeffannoo walitti guurame irraa hubachuun danda’ameera. Kunis,

- ❖ Xinxala geggeeffameen, qabiyyeeleen kitaaba barataa irratti barnootaaf dhiyaatan yeroo qophii qormaataa barsiisoti xiyyffannoon kan walsimsiisanii hinqopheessine ta’uu isaa madden odeeffannoo qorataan dhimma itti ba’e irraa hubachuun danda’ameera. Kunis akka

waligalaatti mana barumsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa keessatti akkaataa sakkattaani dokumeniifi odeefannoo afgaaffiifi mareen argame bifuma walfakkaaatuun madaalliin qophaa'u kan dandeettiiwwan bu'uuraa afaanichaaf xiyyeeffannoon hinkennamne ta'uu isaati. Kuni kutaa 9-12tti bifuma walfakkaatuun hanqina mullatedha.

- ❖ Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9-12 keessatti haalli qophii qormaataa akka walii galaatti bifa walfakkaatuun qabiyyee kitaabni barataa iddoo guddaa laateef kanneen akka dandeettiiwwan bu'uuraa afaanii afraniif xiyyeeffannoo osoo hinkenniin seerluga, hiika jechaa, afoolaafi kan biroo qofa madaaluun hanqina walsimannaa dhabuu qormaataafi qabiyyee ragaa isa bu'uuraa ta'uu isaa odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin guurame irraa hubachuun nidanda'ameera.
- ❖ Wantootni akka barsiisotni qoramaataafi qabiyyeen barnootaa akka wal hinsimneef gufuu ta'an hedduun akka jiru raalee karaa afgaaffiifi maree garee irraa hubachuun danda'ameera. Kunis qaamni itti leenjii qabu akka ogummaa isaatti akka hinqopheessine qabeenyaan mana barumsichaa, baay'inni barattootaa,qajeelfamni oogganssa mana barumsaa irra darbuufi qabiyyeen dhiyaateefi yeroon barnootichaaf ramadame xiqqaachuun guff walsimannaa dhabuu jijjiiramtoota kanaati.
- ❖ Barsiisotni gabate murteessituu ga'umsa qormaataa kan hinfayyadamne ta'uu oddeef-kennitoota irraa hubachuun danda'ameera. Kunis barsiisotni arki caalaan waa'eema kanaa irratti illee hubannoo akka hinqabneefi gama leenjiitiin hanqinni akka jiru ragaa afaaffiifi marii gaaree qooda fudhattoota irraa argame irraa hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti, adeemsi kenniinsa walisimannaa madaallii barsiisonni qopheessaniifi qabiyyee ktaaba barataa Afaan Oromoo akka mana barumsaa sadarkaa lammaffaa fi Qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa kutaa 11-12 tti jiru kan walhinsimne ta'uu isaa xiinxala adeemsa ragaa walitti qabameen bira ga'ameera. Sababni isaas addeesa jijjiiramtoota kana walsimsiissuuf taasifamu keessatti gufuun jiraachuufi gabatee qophii qormaataatti fayyadamuu dhabuun agrsiistuu wlsimannaa dhabuu kanaaf akka sababbiitti kanneen heeramanidha.

## 5.2. Yaada Furmaataa

Hanqinoota qorannoo kanan adda ba'an irratti hundaa'uun yaanni furmaataa armaan gadiitti kennamee jira.

1. Qabiyyee kitaaba barataa irrtti ifaan ibsamee Kitaabota barataa Afaan Oromoo kutaa 9-12fi madaalliin barsiisotni mana barumsichaatti qophaa'u osoo walsimee kennamee gaarii ta'a. Barsiisotni yeroo qophii qormaataatti kaayyoo barnoota afaaniif kenname galmaan ga'uu danda'a gaaffii jedhan itti yaadanii osoo qopheessanii gaarii taa.

2. Barsiisotni dhimma itti fayyadumuu gabatee murteessituu ga'umsa qormaataatti "test blue print" fayyadamanii gaarii ta'a jedheen yaada. Kanas, qabiyyeeleen barnootaaf dhiyaatan hunda yeroo kenniinsa qormaataa osoo hinga'iin dursamee waan dandeettii barataa san safaruu fedhan itti yaadaa akka qopheessan waan isaan gargaaruuf qabiyyeefi madaalliin keenamus akka walsimuufi gumaachi isaa ol'aanaadha waan ta'eef.

3. Adeemsa qophii qormaataa keessatti barsiisotni giddu galummaa qaamolee biroo malee osoo ofdanda'anii qormaata qopheessanii gaaridha jedheen yaada. Kanas hanga baay'ina gaaffii qormaataafi waa'ee maalii madaaluu akka qabaniifi yaadan gochuu waan danda'aniif waan fayyaduufdha jedheen yaada
4. Leenjiin dhimma qophii madaallii barnootaa addatti osoo gama qaama dhimmi barnootaa isaan ilaallatuufi qooda fudhattootnis haal mijeessanii leenjiin addatti haala qophii qormata irratti barsiisotaaf; akkasumas miidhaa inni qaqqabsiisuu danda'u irratti ammoo ooggansa mana barumsichaatiif kennamee furmaata argachuu danda'a jedheen yaada.

Walumaagalatti, xiinxala kenniinsa walsimannaa madaallifi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaalee 9-12 irratti qorannoo geggeeffameen argannoon argameefi yaanni furmaataa kanaa olitti dhihaate jira. Hanga Biiroon Barnoota Oromiyyaa akkasumas, qaamni dhimmichi isaan ilaallatu hanqina mul'ate hubataanii furmaata itti kennanitti;barsiisonni mana barumsa sadarkaa lammaffaafi qophaa'ina Giddaa Ayyaanaa kutaalee 9-12tti Afaan Oromoo barsiisan qorannoo kanaa irratti hundaa'anii qabiyyee dhihaate mara akka walsimsiisanii qopheessan jechaa; Ogeeyyiin barnootaa qorannoo kana dubbistan bu'aan qorannichaa akka hojiitti jijjiiramu waliin haatumsinuun dhaamsa qoratichaati.

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:* Yaad Rimee Qorannoo hujoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Alderson, J. C., C. Clapham, and D. Wall. (1995). Language Test Construction and Evaluation. Cambridge: Cambridge University Press.

Airisian, Peter W. (1991).*Classroom Assessment*.New York: McGraw-hill, Inc.

Bachman, L.F (1996). *Language Testing in Practice*. Oxford: Oxford University Press.

_____________. (1990).*Fundamental considerations in language testing*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L. F. & Palmer, A. (1996). Language Testing in Practice. Oxford: Oxford University Press.

Brown. D.J (2003). *Language Assessment Principles and Class room Practices.* London: Longman.

___________ (1996). Testing in Language programs. United States of America.

____________. (2005). *Testing in language program*. New York: McGraw-Hill.

Brown, H. (2004). *Language Assessment Principles and Class room Practices*. Pearson Longman, Georgian State University

Davies, A. (1990). *Principles of Language Testing*. Oxford: Blankwell. Trud.

Filee Jaallataa (2109). *Malleen Qorannoo*. Finfinnee: ADP pirinting press.

Heaton, J.B. (1990*). Class roomTeaching*. London: Longman.

Hughes, A. 2001. *Approaches and Methods in Language Teaching: Adescription Analysis.* Great Britain: Cambridge University Press.

Hughes Arthur, (2003).*Testing For Language Teachers (2nd edit.).* Cambridge, Cambridge University press

Hughes, A. 1989. *Testing for Language Teachers*. Cambridge, UK: Cambridge University Press.

Jennifer Elaine Rivera. (2007). TEST ITEM CONSTRUCTION AND VALIDATION: Cornell University press.>?

Girmaa Ittaanaa (2007) Gahumsa Qabiyyee Qorumsaa Afaan Oromoo Kutaa 10ffaa, manneen barumsaa sadarka lammaffaa godina wallagga lixaa keessaa filatamee.waraqaa qorannoo yuunvarsiitii addia ababaatti ulaagaa digirii lammaa guuttachuuf geggeeffame. (kan hinmaxxanfamiin)

Jeeylaan Amaan (2007) Qaacceessa Gahumsa Qabiyyee Qormaata Guutuu Biyyaa Xumura Kutaa 10ffaa barumsa afaan oromoo (2006) qo'annoo yunvarsiitii addis ababaa ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf geggeeffame. (kan hinmaxxanfamne.)

Kifle Kebede (1995). *An Assessment Of Content Validity Of High School English Language Tests In Relation To Text Books Concerned*. Addis Ababa: Addis Ababa University Press.

Madsen, H. (1983). *Techniques in Testing.* Oxford, O.U.P.

McNamara, T. F. 1996. *Measuring Second Language Performance*. London: Longman

MC Namara, T.and Rover, C (2006). *Language Testing:* The Social Dimension. UniversitOf Michigan: Black Well Publishing, Itd.

Rechards, J.C and Rogers, T.S (2001). *Approaches and Methods*. Cambridge: Cambridge University Press.

Sarosday, Bencze. (2006). *Applied Linguistics I for BA Students In English*. Bolcsez Konzorcium.*http//www.expresspublishing.co.uk*

Stern, H. H. 1983. *Fundamentals of Language Teaching*. Oxford OX2 6DP: Oxford University Press.

Tasfaayee shawaayyee. (1981) *Sinalissaaninnaa Quwaanquwan maastamaar*. Dhaabbata qo'annoo afaanootaa, yuniversitii Finfinnee (kan hinmaxkanfamne).

Weiss, C. H. (1972). *Evaluation Research:* M*ethods for Assessing Program Effectiveness*. Englewood Cliffs, NJ: Prentice-Hall.

Kayo Yoshida (2006). *Theoretical frameworks of testing in SLA: Processing perspectives an strategies intesting situation* 10 No. 1. Mar. 2006. (p. 2 -7) [ISSN 1881-5537]**:** Kansai Gaidai Universit **http://jalt.org/test/pub.htm**

# DABALEE ‘A’

**Unka ittiin qabiyyeen qormaataafi kitaaba barataa tokko tokkoon kutaa 9-12 irraa odeeffannoon itiin walitti qabamu**

| Lakk. | Qabiyyee | Hanga kitaaba barataa iraati dhiyaate | | Hanga qormaataaf dhiyaate | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Lakkoofsaan | 100(%)n | Lakkoofsaan | 100(%)n |
| 1 | Dhaggeeffachuu | | | | |
| 2 | Dubbachuu | | | | |
| 3 | Dubbisuu | | | | |
| 4 | Barreessuu | | | | |
| 5 | Seerluga | | | | |
| 6 | Jechoota | | | | |
| 7 | Ogbarruu | | | | |
| 8 | Kanbiroo | | | | |
| Wiliigalatti | | | | | |

## DABALEE “B”:Af-gaaffii Barsiisotaa

Kabajamtoota barsiisotaa, Gaafileen armaan gadii tooftaa ittiin qabiyyeen barnootaa kutaa eerameef kenname tokkoofi gaafileen madaalliif kutaa sanaaf qophaa’e ggaffilee dhiyaatan walcina qabunn odeeffannoon walitti qabachuuf kan kaayyeffatamedha. Akkan odeeffannoo koo walitti qabadhetti xiinxala adeemsa walsimannaa madaalliifi qabiyyee kitaaba barataa mana barumsa sadarkaa lammaffaafi qophaa’inaa keessatti argamu kana irraa odeeffannoo adda addaa walitti qabuuf kan dhiyaataniidha. Deebiiwwan isin gaaffilee kanneeniifi kan birootiif gara-laafinaafi obsaan kennitan galma gahinsa qorannoo kanaatiif iddoo guddaa qaba. Deeggarsa taasifamuuf durseen galateeffadha; galatoomaa!

1. Haala qabatamaa mana barumsaa kanaafi kutaa itti barsiisaa jirtan irrattii rakkooleen qophii qormaataa keessatti isin mudatan jiruu? Yoo jiraatan maal fa’i?
2. Qabiyyeen kitaaba barataa irratti dhiyaatee; madaalliif hindhiyaatiin afu jira jettanii yaadduu? Yoo jiraate maaliif? Yoo hinjiru ta’e immoo tooftaa kamiin akka hin afiin afe hubattu?
3. Yeroo baay’ee dandeettiiwwan afaanii keessaa dandeett kam osoo qortanii filattu?; Maaliif?
4. Dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootni qaban addaan baafattanii deeggaruuf tooftaa kam fayyadamtu? Yoo hin madaaltan ta’e maaliif?
5. Madaalliiwwan afaaniin (orally) geggeeffaman daree keessatti haala kamiin ojiirra oolaa jira?
6. Qormaata isin qopheessitan irratti yaadni barattootaa maal fakkaata itti gammaduu? Qormaata sirrii qoramne jedhanii fudhatuu?
7. Qormaanni dhiyaate kaayyoo barnoota afaanii kutaa qormaanni dhiyaateef sana ni milkeessaa?
8. Yeroo qophii qormaataa gabatee ga’umsa qormaataa ni faayyadamtuu?
9. Kaayyoon barnoota afaanii kutaa irratti barsiisaa jirtanii jalqabaa hanga dhumaatti jiru akka barattootni itti gahahoomaniiru beekuuf qormaati qophaa’e walsimee deemaa?
10. Qophii qormaataa keessatti waan kitaaba barataan ala ta’e dabaltanii nimadaaltuu? fi kan kana fakkaatan irratti afgaafiin barsiisota iddatteeffamaniif dhiyaachuun odeeffannoon kan walitti qabamu ta’a.

## Dabalee ‘C’: Gaaffilee marii garee xiyyeeffannoof dhiyaate.

Kabajamtoota barsiisota mana barubsaa sadarkaa lammaffaafi qophaa’inaa Giddaa Ayyaanaa, baga waamicha ani isiniif godhe kana dhageessanii nagaan dhuftan. Keessumaa yeroon qorannoo kana geggeessutti odeeffannoo isin anaaf laattan galma ga’iinsa qorannookootiif gumaacha olaanaa waan qabuuf akka isin of hinqusatiin deebii keessan

- ❖ Kenniinsi Madaallii barnoota afaan oromoo kutaa 9-12 jiru qabiyyee kitaaba barataa daree madaalliin qophaa’eef sanaa waliin walsimachuufi simachuu dhabuu irratti waliin mariyacuu
- ❖ Wantoota walsimannaa kenniinsa qormaataafi qabiyyee barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaafi qophaa’ina Giddaa Ayyaanaa akka walhinsimanneef sababa ta’an adda baasuu.
- ❖ Adeemsa barsiisotni wayita qormaata qopheessan qormaataa fi qabiyyee waliin walsimsiisanii deemuuf tooftaa akkamii fayyadamu (gabatee ga’umsa qophii qormaataa nifayyadamuu) kan jedhu qabxiilee ajandaa mareef dhiyaatanidha.